



---

# SIRNA LEENJII LEENJII HOJIIRRAA YEROO DHEERAA

---

Qopheessitoota :

1. Dhaabaa Dirribaa
2. Shaambal Hordofaa
3. Kabbabaw Biraanuu

## Baafata

BOQONNAA TOKKO .....	3
SEENSA WALIIGALAA.....	3
1.1.    Dug Dubaa .....	3
1.2.    Hima Rakkoo.....	5
1.3.    Gaaffilee Qorannoo .....	6
1.4.    Kayyoo Qorannichaa.....	6
1.4.1.    Kaayyoo Gooroo .....	6
1.4.2.    Kaayyoo Gooree.....	6
1.5.    Daangaa Qorannichaa.....	7
1.6.    Faayidaa Qorannichaa .....	7
1.7.    Mala Qorannichi Ittiin Gaggeffame .....	7
1.8.    Gurmaa'iinsa Qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA .....	9
2. SAKATTA'IINSA HOG~BARRUU FI MUUXANNOOWWAN ROGUMMAA QABAN .....	9
2.1 Seensa .....	9
2.2 Yaad-rime Leenjii.....	9
2.3 Maalummaa Sirna Leenjii.....	10
2.4 Barbaachisummaa Sirna Leenjii.....	11
2.5 Sirna Leenjii Fooyyeessuuf Waantoota Ka'uumsa Ta'an.....	13
2.6 Modeloota Sirna Leenjii .....	14
2.7 Kaayyoolee Sirna Leenjicha (Curriculum Objectives) .....	15
2.8 Qabiyyee Sirna Leenjii (Curriculum Content).....	15
2.9 Tooftaalee Leenjii (Training Methods) .....	17
2.10 Sirna Gamaagamaa fi Madaallii Leenjii.....	17
2.10.1 Gosoota Madaallii Leenjii .....	18
2.11 Madaallii Leenjii Hordofamuu Qaban .....	20
2.12 Turmaata Yaroo Leenjii .....	21
2.13. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu.....	21
BOQONNAA SADI.....	23
DHIYEESAA FI XIINXAALA DAATAA.....	23
3.1.Seensa .....	23
3.2.Qabiyyeen leenjii sirna leenjii SLHIYDh keessatti hammatamuu qaban .....	23
3.3. Yeroon Turtii Leenjicha .....	30
3.4.    Tooftaan leenjiin ittiin kennamu.....	31
3.5.    Sirna Madaallii Leenjii .....	32
3.6.    Meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii.....	34

3.7.	Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu .....	35
	BOQONNAA AFUR.....	36
	ARGANNOOWWAN GURGUDDOO, GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA.....	36
4.1.	ARGANNOOWWAN GURGUDDOO .....	36
4.1.1.	Qabiyyeen leenjii sirna leenjii SLHIYDh keessatti hammatamuu qaban.....	36
4.1.2.	Yeroon turtii leenjichaa.....	37
4.1.3.	Tooftaan Leenjiin Ittiin Kennamu.....	37
4.1.4.	Sirni Madaallii Leenjii.....	37
4.1.5.	Meeshaalee Leenjii fi Gargaarsa Leenjii.....	37
4.1.6.	Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu .....	37
4.2.	GUDUUNFAA.....	38
4.3.2.	Yeroon Turtii Leenjichaa.....	40
4.3.3.	Tooftaan Leenjiin Ittiin Kennamu.....	40
4.3.4.	Sirni Madaallii Leenjii .....	41
4.3.5.	Meeshaalee Leenjii fi Gargaarsa Leenjii .....	41
4.3.6.	Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu .....	41
	Wabbiwwan .....	42
	Miiltoolee .....	45

## **BOQONNAA TOKKO**

### **SEENSA WALIIGALAA**

#### **1.1. Dug Dubaa**

Heerri Mootummaa Rippaablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1987 A.L.I erga ragga'ee as sirni haqaa keenya fedhii fi faayidaa lammilee kan kabajchiisuu danda'u akka ta'u mootummaan RDFI sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa baafatee hojjachaa jira. Bu'uruma kanaan sadarkaa mootummaa Federaalaatti wirtuun leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa bara 1993 A.L.I hundaa'eera. Bifuma walfakkaatuun, Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa danbii lakk. 77/99 tiin Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin hundaa'eera. Instiituyuutiin kunis ogeessota seeraa, keessattuu Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa beekumsa /dandeettii/ seeraa, ogummaa fi naamusa olaanaa gonfatan, akkasumas miiraa fi ilaalcha tajaajiltummaa ummataa horatan sirna haqaa naannichaa akka utuban gochuudhaaf hojiiwwan gara garaa hojjechaa jira<sup>1</sup>.

Inistiituyuutiichis hojiiwwan hojjechaa jiru kanneen keessaa sagantaalee leenjii gurguddoo lama qabu keessaa tokko Sagantaan leenjii hojiin duraa fi sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa yemmuu ta'an, Sagantaa leenjii hojii irraa yeroo dheeraatiin ogeessotni seeraa hojii keessa jiranii fi sagantaa leenjii hojiin dura osoo hin fudhatin hojiitti bobba'anii turan baatii shaniif Inistiituyuuticha seenudhaan leenjiidhaan dandeetti fi naamusa ogummaa isaanii cimsuudhaaf jecha waggoota darban keessatti hojii hedduu hojjechaa turee jira. Bu'uruma kanaan, bara 2002 hanga bara 2010tti Abbootiin Seeraa fi abbootiin Alangaa baay'inni isaanii 2352 ta'an mata dureewwan leenjii adda addaa irratti leenjii kennuudhaan fi gahumsa isaanii mirkaneessuun hojii isaaniitti akka deebi'an taasfamee jira<sup>2</sup>.

Leenjiin saganticha irratti kennamaa tures sirna leenjii Wiirtuu Leenjii Federaalaatiin qophaa'e kan bu'uureffate ture. Bu'uruma kanaan, kaayyoon sirna leenjii kanaa beekumsa, dandeettii fi ilaalcha abbootii seeraa fi abbootii alangaa guddisuu, sirna haqaa sirriitti akka hubatan, aadaa abbaa seerummaa , abbaa alngummaa, naamusa ogummichaa akka qabaatanii fi uummata tajaajiluuf kan onneefatan horachuu, sirni haqaa dhimma siyaasaa, diinagdee fi hawaasaa keessatti shoora inni qabu hubachiisudha. Kana malees, barbaachisummaa sirna leenjichaa abbootii seeraa fi abbootii alangaa Heera Sootummaa fi Seerota bu'uuraa hubachuudhaan ol'antummaa seeraa qofaaf hojjetan, dandeettii rakkoo hojii keessatti isaan mudatu hiikuu danda'an, ijaarsa sirna dimokiraasii keessatti shoora isaan irraa eeggamu

<sup>1</sup> Qoranno kaariikilamii leenjii hojiin duraa inistiituyutii leenjii ogeessota qamolee haqaa fi qo'annoo seeraa oromiyaa, Adoleessa 2007, Adaamaa. Kan hin maxanfamne.

<sup>2</sup> Gabaasa raawwii Daareekteeroottii Kenna leenjii fi tajaajila gorsaa seeraa, Muddee, 2008, Adaamaa.

bahatan fi tajaajila haqaa loogii irraa bilisa ta'e laatuu danda'an horachuu akka ta'e ibsamee jira<sup>3</sup>.

Sirni leenjii kun kaayyoo gooree, qabiyyeewan leenjichaa, yeroo leenjiichi itti kennamu, mala leenjii, meshaalee gargaarsa leenjii fi meshaalee leenjii, mala madaallii fi qaama leenji'u (abbaa seeraa fi abbaa alangaa) akka hammatu ta'ee kan qophaa'eedha.

Malli kenniinsa sagantaa leenjichaa; leenjii daree, ibsa lenjisaa, gaaffii fi deebii, dhimmoota adda addaa xinxaaluu, leenjii plaazmaa (yeroowwan jalqabaatiif) guyyaa walkaadhaaf giddu galeessa irraa kennuu, keessummaa afeerramanii fayyadamuun leenjii kennuu, hojjetanii agarsisuu (simulation) sirni leenjichaa akeekee jira.

Turmaata yeroo leenjii ji'a Shan yoo ta'u tokkoon tokkoo mata dureewwan leenjiitiif yeroon inni fudhatu guyyaa fi sa'aatiidhaan sirna leenjiichaa keessatti taa'ee jira.

Qabiyteen mata dureewwan leenjii 1). Heera mootummaa fi gahee qaamolee haqaa 2). Imammata mootummaa, 3). Itti gafatatummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa, 4). Naamusa ogummaa, 5). Seera lafa baadiyaa fi magaalaa, 6). Seera dhaalaa, 7). Sirna seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa, 8). Sirna seera deemsa falmii yakkaa, 9). Abbaa alangaa fi hojii qorannaayakaa, 10). Shallaggii beenyaa murteessuu, 11). Qajeelfama adabbii murteessuu, 12). Barreessa murtii, 13). BPR fi haqa, 14). Hooggansa dhangal'iinsa dhimmaa, 15). Hooggasa dhaddachaa kanneen jedhan hammatee jira<sup>4</sup>.

Malli madaallii leenjii; gaaffii fi deebii afaanii, qormaata barreeffamaa, gaaffiilee falmisisoo kennuudhaan gareedhan hojjetanii mariif akka dhiyeessan taasisuu, dhuunfaan yaada akka kenneen gochuu kanneen jedhan sirna leenjichaa keessatti hammatamee jira.

Meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjiin wal qabatee kanneen akka moojuulii leenjii, seerota, labsiowan, sanadoota idil addunyaa, heera , danbii naamusaa, dokimantiowan imammatoota fi tarsiimoowan mootummaa, dhimmoota murtii argatan (cases), gabatee adii, markarii gosa adda addaa, laap tooppii, LCD, sagalee guddistuu, filippi chaartii, over head projector, akka ta'e sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kana keessatti haamatamaniiru<sup>5</sup>.

---

<sup>3</sup> sirna leenjii leenjii hojiirraa, ILQSO, Adoolesa 2000, Adaamaa.

<sup>4</sup> Kaariikilamii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii fedrealalaatiin qophaa'e, 2001. Fifinnee.

<sup>5</sup> Kaariikilamii leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii fedrealalaatiin qophaa'e. Gurraandhala 2001. Finfinnee,

Sirni leenjii asiin dura hojiirra ture kan yeroo dheeraa turee fi haala qabatamaa qaamolee haqaa keessa yeroo ammaa jiru fi fedhii addaa naannoo keenyaa wajjiin kan hin demine ta'uu, seeronni hedduun isaanii yeroo wajjiin jijiirramaa sababa dhufaniif qabiyyee sirna leenjiichaa keessatti kan hin hammatamne ta'uu, abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa sirna kanaan leenjii hin arganne fi kanneen komishiinii naamusaa fi farra malaammaltummaa, abbaa taayitaa galiiwan oromiyaa irraa gara mana hojii abbaa alangaa tti dabalaman jiraachuu fi fedhiin qaamolee haqaa bira jiru jijiirama sirnaa wajjiin deemu kan barbaadu ta'uu isaa sakatta'iinsa dokimantootaa fi yaada maamiltootaa irraa hubachuun danda'amee jira. Hanqinnoota kanneen furuuf sirna leenjii hojiirra ture fooyeessuuf sakatta'iinsi kun taasifamee jira.

## 1.2. Hima Rakkoo

Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kennuudhaan ogeessota heera fi sirna heeraa kabajanii kabachiisisan, naamusaa, dandeettii fi beekumsa gahaa qaban qulqullinaa fi bay'ina barbaaddamuun horachuudhaan gara qaamolee haqaatti dabaluun tajaajjilli qamoleen haqaa uummataaf kennan itti quufiinsa uummataa mitrkaneesse akka ta'u taasisuun kaayyoo isaa keessa isa tokkoodha.

Bu'uuruma kanaan, bara 2002 hanga bara 2010tti Abbootiin Seeraa fi abbootiin Alangaa baay'inni isaanii 2352 ta'an mata dureewwan leenjii adda addaa irratti leenjii kennuudhaan fi gahumsa isaanii mirkaneessuun hojii isaaniitti akka deebi'an taasfamee jira.

Haa ta'u malee, inistiitiyuutichi waggoottan darban kan keessatti hojiawan kanneen hojjetus gama leenjii hojiirraa yeroo dheeraatiin kayyoo qabate ka'e bira akka hin geeny'e hudhaaleen gara garaa mul'atanii jiru. Isaanis: Inistiitiyuutichi sirna leenjii haala qabatamaa qaamolee haqaa naannichaa keessa jiru ( Fkn'f jijiirrama hojmaataa, gurmaa'iinsaa fi seerotaa ) jiddu galeessa godhate fi rakkoo dandeettii, naamusaa fi ilaalcha tajaajiltummaa Abbootii seeraa fi abbootii alangaa hojiirra jiran hiikuu danda'u qabaachuu dhabuu, qabiyyeen, yeroon, malli leenjii, malli madaallii, meeshaaleen leenjii fi gargaarsa leenjii sirna leenjii hojii irra ture keessatti hammataman hanqina qabaachuu isaanii, leenjiin kennamaa ture A/Seeraa fi A/Alangaa hojiirra jiran hunda kan walhin geeny'e fi ogeessonni Koomishinii Naamusaa fi Farra Malaamaltudmmaa fi Abbaa Taayitaa Galiiwan Oromiyaa irraa gara Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti dabalaman fi leenjii kana kan hin fudhanne jiraachuu isaanii kaayyoon sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa qixa barbaadamuun galma akka hin geeny'e kan

taasisan ta'uu isaa gamaagamaa tasifamee fi yaada mamiltootni kennan irraa hubatamee jiru. Haaluma kanaan, sirni leenjii kun sakata'iinsa taasifame irratti hundaa'uudhaan fooyya'eera.

### 1.3. Gaaffiilee Qorannoo

Qorannoon kun rakkolee olitti ibsaman irratti hunda'uudhaan gaaffilee itti aanan kanneen deebisee jira.

1. Qabiyyeen leenjii sirna leenjii kana keessatti hammatamuu maal maal ta'uu qaba jettu?
2. Yeroon turtii leenjichaa hangam ta'uu qaba? Maaliif?
3. Tooftaan leenjiin ittiin kennamu maal ta'uu qaba?
4. Sirni madaallii leenjifamtootaa maal ta'uu qaba?
5. Leenjii kana kennuu keessatti meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii akkamii fayyadamuu qabna?
6. Sirni leenjii Kun akkamitti fi yeroo hammamii keessatti fooyya'uu qaba? Kanneen jedhaniidha.

### 1.4. Kayyoo Qorannichaa

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Sirna Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa beekumsa, dandeettii fi ilaalcha Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa guddisuun, sirna haqaa sirriitti akka hubatan, aadaa Abbaa Seerummaa, Abbaa Alangummaa, naamusa ogummichaa akka qabaatanii fi uummata tajaajiluuf akka onneefatan taasisuun, ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka bahatan dandeessisuudha. Kayyoon gooroo qorannoo kanaa hojiirra oolmaa sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hanqinnoota mul'atan adda baasudhaan sirnnicha fooyyessuudha.

#### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoolee goree armaan gaditti ibsaman ni qabaata:-

- Mata dureewwanii sirna leenjiichaa keessatti hammatamuu qaban adda baasuu,
- Turtii yeroo leenjichaa murteessuu,
- Tooftaalee kenna leenjii hojiirra ooluu qaban adda baasuun kaa'u,
- Sirna madaallii hojiirra ooluu qaban dursanii akeekuu,
- Leenjicha milkesuu keessatti meeshaalee leenjii fi meeshaalee gargaarsaa akka galteetti gargaaran adda baasuu,
- Akkaataa fi yeroo sirni leenjichaa itti fooyya'u addaan baasuun murteessuu.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoonaan kun sirni leenjii kan leenjii hojiin irraa yeroo dheeraa Wiirtuu Leenjii Seeraa fi Haqaa RDFItiin qophaa'ee hojiirra oolaa turee sakatta'uu irratti kan xiyyeefateedha. Qorannoonaan kun keessattuu sirni leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti mata dureewwan hammatamuun qaban, turmaata yeroo leenjii, tooftaa leenjiin ittiin kennamu, mala madaallii leenjii fi sirna leenjii madaaluu fi fooyyeessuu irratti fulleeffata.

### **1.6. Faayidaa Qorannichaa**

Sirni leenjii kun sagantaan leenjii hojii irraa yeroo dheeraa sirna ittiin gaggeeffamuu fi sirna leenjii bu'a-qabeessa fi qindaa'aa ta'e irratti akka hundaa'u taasisuudhaan kenna leenjii qulqulluu ta'e uumuun, darbeetis, gahumsa dandettii ogeessota leenjicha fudhatanii dabaluudhaan kenniinsa tajaajila haqaa naannoo keenyaa fooyyessuu keessatti shoora olaanaa ni qabaata. Haaluma kanaan sirni leenjichaa kun bu'aalee armaan gadii ni qabaata:-

- Inistiitiyuutichi leenjiin kenu sirnaawaa akka ta'u ni dandeessisa.
- Ogeesonni qaamolee haqaa leenjii fudhatan leenjiin isaanii sirnaan kan deeggaramee fi bu'aa barbaaddamu akka argataniif waan isaan gargaaruuf faayyiidaa ol'aanaa ni qabataa.
- Sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa fooyyeessudhaaf ka'umsa ta'uudhaan ni gargaara.

### **1.7. Mala Qorannichi Ittiin Gaggeffame**

Gaaffilee sakatta'iinsi sirna leenjii hojiirraa qabatee ka'e deebisuu fi sirnicha fooyyeessuuuf malli qoranno adda addaa hojiirra oolee jira. Bu'uuruma kanaan, malli qoranno akkamtaa hojiirra kan oole yoo ta'u deeffannoonaan akkamtaa hirmaattota qorannichaa irraa walitti qabuuf malli iddatoo kaayyefataa (purposive sampling techinque) hojiirra oolee jira.

Haaluma kanaan, daataan akkamtaa Abbootii seeraa mana murtii waliigala keessaa kanneen sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa irratti asiin dura hin hirmaatin, Qindeessaa dhaddacha ijibaataa/qoranna boodaa, Daareekteraa Daareektooreetii kenna tajaajila abbaa seerummaa (KTAS), Daareekteraa Daareektooreetii Qoranno fi Atoominaa, Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Daareekteerootii Bulchiinsa Qabeenyaa Human Namaa Mana Hoji Abbaa Alangaa Oromiyaa, Daareekteraa Daareekterootii Dhimmoota Yakka Malaammaltummaa fi Taakisii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Daareekteera Daareekteerootii Kenna Haayyama Abukaatoo Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Daareekteera Daareekterootii Qoranno fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala

Oromiyaa, Daareekteera Daareekterootii Dhimma Hariiroo hawaasa , Abbootii Alangaa Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Leenjii irratti hin hirmaatin, abbootii alangaa komishinii naamusaa fi farra maalaammaltummaa fi galiiwanii fi gumuruukaa irraa gara mana hojii abbaa alangaa waliigalaa deebi'anii, fi miseensota gumii keessaa namoota Afur irraa daataan funaannamee jira.

Kana malees, daataa bifa af gaaffiin argame odeeffannoo dokimantii adda addaa kan akka gabaasa raawwii hojii ILQSO kan bara 2008, sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wiirtuu leenjii seeraa fi haqaa federaalaa, sirna leenjii leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kan federaala irraa ILQSO dhaan qophaa'e, barreefamoota qophii sirna leenjii irratti rogummaa qaban adda addaa, danbii mana hojiichaa lakk. 77/1999, sanada BPR fi BSC mana hojii (ILQSO), argannoowwan qorannoowwan sakatta'iinsa fedhii fi bu'aa leenjii ILQSO yeroo gara garaa taasifameen deeggaramee jira.

### **1.8. Gurmaa'iinsa Qorannichaa**

Qoranno kun waa'ee sakkata'iinsa sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa Inistiitiyutii Leenjii Ogeessoota Qaamoole Haqaa fi Qoranno Seeraa Oromiyaa kan ilaallatu yoo ta'u, boqonnaawwan afurti quodamee dhiyaatee jira. Haaluma kanaan boqonnaa tokkoffaa seensa waliigalaa, boqonnaa lamaaffaan jalatti yaada bu'uraa **sirna** leenjii ilaachisee hog-baruu fi muuxannoowwan rogummaa qaban sakkata'amajii jiru. Boqonnaa sadaffaan daataa dhiyyeessuu fi xiinxaluu, boqonnaa afraffaan immoo argannoowwan gurguddoo fi yaada furmaataa irratti xiyyeefate dhiyaatee jira. Dhuma irrattis, sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa qorannicha irratti hunda'udhaan wixinneefame qabatee jira.

## **BOQONNAA LAMA**

### **2. SAKATTA'IINSA HOG~BARRUU FI MUUXANNOOWWAN ROGUMMAA QABAN**

#### **2.1 Seensa**

Boqonnaa tokkoffaa barreffama kanaa jalatti Kaayyoon Sirna Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa beekumsa, dandeettii fi ilaalcha Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa guddisuun, sirna haqaa sirriitti akka hubatan, aadaa Abbaa Seerummaa, Abbaa Alangummaa, naamusa ogummichaa akka qabaatanii fi uummata tajaajiluuf akka onneefatan taasisuun, ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaanii akka bahatan dandeessisuu akka ta'e ilaallee jira<sup>6</sup>.

Kanuma irratti hundaa'udhaan kaayyoon Gooree fi gaaffileen qorannoo bocaman yoo ta'u, gaaffilee kanneen deebisuudhaaf hoog barruuwwan fi muxannoowwan sirna leenjii irratti rogummaa qaban boqonnaa kana jalatti xiinxalamani jiru.

#### **2.2 Yaad-rime Leenjii**

Yaad-rimee sirna leenjii xiinxaluun duratti maalummaa leenjii fi gosoota leenjii ibsuun murteessaadha. Hayyooni jecha 'leenjii' jedhuuf hiika adda addaa yarоо gara garaatti yammu kennan ni mul'ata. Hayyuun (Jinks, 1976) kitaaba barreessaa (Boydell, 1976) jedhamu keessatti akka ibsutti leenjiin jijiirama amalaam fiduu irratti kan xiyyeffatudha. Kana malees, Reilly namichi jedhamu kitaaba (Boydell, 1976) keessatti akka jedhutti, leenjiin hojii ta'e tokkoof dandeettii fi ilaalcha namaa qaruudha jedha. <sup>7</sup> Hiikalee hayyota kana irraa akka hubatamutti leenjiin waan qabatamaa irratti kan hunda'uu ta'ee, dandeettii fi ilaalcha namaa qaruudhan jijiirama amalaam fiduu irratti kan xiyyeffatu ta'uu isaatti.

Barreffamoonni akka addeessanitti leenjiwwan akaakuu lamatu jiru. Isaanis: leenjii hojiin duraa fi leenjii hojii irraa jedhamu. Leenjiin hojiirra ammoo hojjetaa mana hojii tokkoo hojii isaa sirnaan akka hojjetuu fi raawwii isaa akka fooyeesuu taasiisuuf leenjii kennamuudha. Leenjiin kun biyyoota sirna seera siivilii fi sirna seera Koomanii hordofaniin abbootii seeraa fi abbootii alangaa hojiirra jiraniif wiirtuu leenjii abbaa seerummaan kennamaa jira. Isaaniis leenjii kana "in-service or continuous training" jedhaniiti waamu.<sup>8</sup> Leenjiin kun akka instiituitii leenjii ogeessota qamolee haqaa fi qorannoo seeraa oromiyatti leenjii hojiirraa yeroo dheeraa, gabaabaa fi addaa jedhamee kennamaa turee jira.

---

<sup>6</sup> kaarikilamii leenjii hojiirraa ILQSO dhaan qophaa'e , 2000, Adaamaa.

<sup>7</sup> Daribssa Abata, The Design, Delivery, and evaluation of training , Ethiopian Civil Service University, Trainiing and consultanecy Center, 2017, fuula 4

<sup>8</sup> C. Thomas, Review of Judicial education and training in other jurisdiction, 2006 fuula 19

## **2.3 Maalummaa Sirna Leenjii**

Jecha sirna leenjii jedhuuf beektoonni adda addaa hiikaalee gara garaa kenuu. Isaan keessaa muraasni isaanii akka itti aanutti hiikanii jiru.

Hayyuun Ralph Tyler (1949), jedhamu sirna leenjii yammu ibsu galmalee ykn tarsiimoowwan karoorfamanii hojjetaman galmaan gahuudhaaf ykn xumura isaanii irra gahuudhaaf sanada dandeessisuu fi barreeffamaan qophaa'e ykn karoora raawwiiti jechuudhan kaa'a.

Hayyuun Galen Saylor (1981), jedhamu sirna leenjii yammu ibsu; karoora qindaa'aa namoota barataniif ykn leenji'aniif hala mijataa barnootaa ittiinuumuudhaaf diriirfameedha jechuudhan kaa'a.

Itti dabaluunis, hayyuun David Pratt (1980), jedhamu immoo sirni leenjii yaaddama leenjii ykn barnootaa haala idilaawaa fi qindaa'a ta'een gurmaa'ee qophaa'eedha jechuudhaan ibsa.

Gama biraatiin hayyuun Oliva (1997) jedhamus sirna leenjii kallattii adda addaatiin kan ibsu yoo ta'u haloota inni ittiin hiikoo kennuun;

Curriculum is which is taught in schools, a set of subject, a content, a program of studies, a set of materials, a sequence of courses, a set of performance objectives, a course of study, is everything that goes on with the school, including co-curricular activities, guidance, and interpersonal relationships jechuudhaan kaa'a.

Walumaagalaatti, sirna barnootaa ykn leenjii jechuun paakeejii qindaa'aa hojiwwan kenna leenjii adda addaa kaayyoo leenjiin sagantaa barbaadameef galamaan gahuuf sagantaa bocamuudha jechuu yammu ta'u; dhaabbanni barnootaa ykn leenjii kenuu tokko sirna leenjii yaroo qopheessu ergamaa fi mul'ata dhaabbatichi galma gahuuf bocate giddugaleessa godhachuu fi kaayyoon leenjiichaa qophaa'us qabiyyee fi mala leenjii, meeshaalee fi qabeenya leenjiif barbaachisu akkasumas, tooftaa galma gahiinsa leenjiin itti madaalamu (assessment) fedha leenjifamtootaa fi muuxannoo ogeessota leenjii kennan giddugaleessa kan godhate ta'uu akka qabu hog-barruuwwan adda addaa ni ibsu<sup>9</sup>.

Hiikooleen sirna barnootaa ykn leenjiitiif kennaman kunakkuma jirutti ta'ee, sirni leenjii tokko yammu bocamee hojiirra oolutti mata dureewwan sirna leenjiichaa keessatti

---

<sup>9</sup> [www.ocwtp.net//pdfs/trainer %20 resources/ what is curriculum.pdf](http://www.ocwtp.net//pdfs/trainer %20 resources/ what is curriculum.pdf). Accessed on 1/16/19.

hammataman yammu kennaman qajeeltoowwan irratti hundaa'anii kennamuu qaban jiraachuu isaa hog- barruuwwan adda addaa ni ibsu<sup>10</sup>.

Haaluma kanaan, sirni leenjichaa qajeeltowwan irratti hundaa'ee qophaa'u keessaa isaan ijoon; leenjifamtoota haala naannoo hojii isaanii waliin akka walbaratan taasisuuf haala mijataa uumuu; dhimmoota bu'aa dhuunfaa gama dandeettii, naamusaa fi ilaalcha leenjifamaa jijiiruu danda'an irratti xiyyeffachuun leenjii qulqulluu fi wayitawaa ta'e kennuu; maloota leenjii hirmaanna ho'aatiin deeggaraman kennuun; maloota leenjii saayinsawaa ta'ee fi leenjii deeggaruu danda'an waliin walsimsiisuun kennuu; carraa leenjii qindaa'aa (structured) ta'e uumuun, duub-deebii qabatamaa bu'aa marii irraa argame fudhachuun hojiirra oolchuun, fedhii leenjii dhuunfaa isaanii guutuu danda'uun kennuun; mataduree fi qabiyee leenjii leenjifamtootaaf madaalawaa ta'ee fi walitti hidhamiinsa qabu qopheessuun qajeeltowwan jedhan hammachuu akka qabatu akeeku.<sup>11</sup>

#### **2.4 Barbaachisummaa Sirna Leenjii**

Barreessaan (*Judy McKimm, 2007*) jedhamu barbaachisummaa sirna leenjii akka itti aanutti ibsee jira.

*Curricula usually define the learning that is expected to take place during a course or programme of study in terms of knowledge, skills and attitudes, they should specify the main teaching, learning and assessment methods and provide an indication of the learning resources required to support the effective delivery of the course.*<sup>12</sup>

Sirni leenjii tokko dhimma leenjichaan baramuuf yaadame kan adda baasuuf gargaaru akka ta'e ibsa olii kana irraa ni hubatama. Akkasumas sirni leenjii maloota leenjiichi itti kennamuufi madaalliin itti gaggeeffamu akkasumas meeshaalee fi qabeenya leenjiicha kennuuf dandeessisu kan ibsu ta'uu qaba<sup>13</sup>.

Sirni leenjii dhaabbata tokkoo barreeffamaan kan maxxanfamu (official curriculum) yookiin kan hin maxxanfamne (hidden or counter curriculum) ta'uu danda'a. Sirni barnootaa barreeffamaan hin maxxanfamne yaroo ibsu (*Judy McKimm, 2007: 2*)

*The hidden curriculum describes those aspects of the educational environment and student learning such as values and expectations that students acquire as a result of*

<sup>10</sup> <http://Cdns3 training industry.com/media/2068131/principle of adult – learning- full- pdf>. Accessed on 02/07/2018.

<sup>11</sup> Miil jalee olii

8. Sirna leenji sagantaa leenjii hojiin duraa ILQSO , 2007, adaamaa.

<sup>13</sup> . miil jalee olii.

*going through an educational process which are not formally or explicitly stated but which relate to the culture and ethos of an organization.<sup>14</sup>*

Akka ibsa barreessaa kanaatti sirni leenjii barreeffamaan hin maxxanfamne kan maxxanfamu irraa kan adda baasu ifatti adeemsa leenjii ibsuun hojiitti hiikinsaaf kan qophaa'u osoo hin taane haala baruu leenjifamtootaa fi naannawaa leenjii kan ibsu dha<sup>15</sup>.

Barbaachisummaan sirni leenjii biyyaa biyyatti,dhaabbataa dhaabbatatti, qabiyyeedhaa qabiyyeetti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee,hayyuun Sharma (2006) jedhamu barbaachisummaa fi kaayyoo sirna leenjii akka itti aanutti ibsa.

*Sirni leenjii leenjifamtoota kakaasuudhaan, qaruudhaan, haamilee itti horuudhaan gahumsi tokko tokkoo isaanii akka dabalu dandeessisu; dhimmoota leenjii irratti fudhatan ilaachisee gad fageenyaan akka yaadanii, dandeettii rakkoo hiikuu akka gonfatan dandeessisuudhaaf haala mijataa uumuu; duudhaalee fi sonaalee hawaasaa, naamusa ogummaa, dandeettii fi miira tajaajiltummaa akka horatan dandeessisu; amala amanamummaa, ijanno gaarii, hariiroo gaarii, naamusaa fi maqaa gaarii akka horatan dandeessisu; miira tajaajiltummaa fi quuqama uummatummaa akka gonfatan, olaantummaa seeraatti akka amananii fi mirkaneesson, faayidaa hawaasaatiif dursa kennuudhaan tajaajiluu akka danda'an bocanii baasuudhaaf; gahumsa leenjifamtootaaf/barattootaaf barbaachisu mirkaneessudhaaf barbaachisaa akka ta'e Shaarmaan ibsee jira.*

Walumaa galatti, barbaachisummaan sirna leenjii kanaas; abbootii seeraa fi abbootii alangaa heera mootummaa fi olaantummaa seeraa biyyaattif quuqamaa fi amantaa guutuu qaban horachuuf; Seerota haaraa bahan muuxanno qabatamaa waliin deeggaruun hojiirra oolchuun garaagarummaa hiikoo seeraa dhiphisuun ejennoo walfakkaataa ta'e akka qabaatan gochuuf; abbootii seeraa fi abbootii alangaa kenna tajaajila si'ataa, qulqullina qabuu fi loogii irraa bilisa ta'e kennuun fooyya'iinsa sirna haqaa naannichaatiif bu'aa gaarii galmeessisu danda'an uumuuf; hir'inoota gama dandeettii, naamusaa fi ilaalchaan turan hambisuun humna raawwachiisummaa ogeessotaa daraan cimsuuf miira tajaajiltummaa guutuu ta'e uumuuf; abbootii seeraa fi abbootii alangaa kaayyoo fi bu'aa leenjichaa madaaluun kaka'umsaa fi hirmaanna ofiitiin haala qabatamaa naanno hojii jijiiruuf kutanno qaban uumuuf; hojiwwan biroo hojii abbootii seeraa fi abbootii alangaa faana walitti dhufeenyaa

---

<sup>14</sup> . miil jalee olii

<sup>15</sup> . miil jalee olii

qaban irratti hubannoo uumuun waan barbaachiseef, sirna barnootaa leenjiin kun bifa qindoominaa fi itti fufiinsaan hojiirra ooluu danda'uun fooyya'ee fi qophaa'ee hojiirra ooluun isaa barbaachisaa ta'ee argamee jira.

## 2.5 Sirna Leenjii Fooyyeessuuf Waantoota Ka'uumsa Ta'an

Sirna leenjii fooyyeessuuf waantoota ka'uumsa ta'an ilaaluun duratti sirna leenjii fooyyeesssuu jechuun maal jechuu akka ta'e ilaaluun barbaachisaadha. Sirna leenjii fooyyeessuu jechuun utubaa bu'uura sirna leenjii ittiin hojjetamaa jiru tokko osoo hin jijiiriin fooyyeessuu jechuudha. Sirna leenjii jijiiruu jechuun immoo utubaa bu'uura sirna leenjiichaa jijiiruu jechuudha. Hima biraatiin falsama barnoota sirna leenjii, duudhaalee, kaayyoolee, caaseeffama, meeshaalee leenjii tooftaa leenjiin ittiin kennamu, sirna madaallii, bu'aawwan leenjiichaa irra eeggaman jijiiruu jechuudha.<sup>16</sup> Itti aansuun waantoota sirna leenjii fooyyeessuuf sababa ta'an kan ilaallu ta'a.

Hog-barruuwwan adda addaa akka ibsanitti, sirni leenjii tokko akka fooyya'uuf wantoonni sababa ta'anii fi sababoota kanaafis akka qajeeltootitti gargaaruu danda'an armaan gaditti ibsamani jiru.

- ❖ Jijiiramni yaroo hunda kan hin hafne ta'u isaa (inevitability of change); jijiiramni dhaabbilee hojii fi dhala namaa birattisakkuma amalaaa fi guddina isaaniitti jijiirama dhufu fudhatanii deebii rogummaa qabu kennuudhaa fi amaloota jijiiramni fidanii dhufan wajjiin deemuudhaaf akka danda'amu gochuudhaaf jijiiramni kan hin hafnee fi barbaachisaa ta'a. Kanaaf, sirni barnoota keenyaas jijiirama hawaasa biratti dhufaa jiru wajjiin kan deemu ta'uu qaba<sup>17</sup>. Dabalataanis, sirni barnoota amala isaatiin jijiiramuu kan danada'u waan ta'eef umurii guutudhaaf tajaajiluu hin danda'u. Sirni leenjii kallattii kaayyoo leenjii barbaadamutiin; haala guddinaa fi diinagdee biyaattii, haala qabatamaa yaroon barbaadu wajjiin yaroo yaroodhaan jijiiramuu qaba<sup>18</sup>.
- ❖ Sirni leenjii bu'aa yaroo ta'uu isaa (curriculum as a product of its time); qajeeltoon kun qajeeloo isa jalqabaa wajjiin walitti hidhatiinsa kan qabuudha. Haaluma kanaan, sirni leenjii gaaffii fi humna jijiirama hawaasaatiif, falaasama yaroo wajjiin dhufuuf, qajeeltowwan xiin-sammuutiif, beekumsa horatamuuf, hooggansa barnootaa yaroon keessa jiruf deebii kan kennu ta'uu qaba. Jijiiramni hawaasaa guddina sirni barnootaa

<sup>16</sup>Dr. Robsan Margo 2018: Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute. Adama. Pp 102 fi 103

<sup>17</sup>Dr. Robsan Margo 2018: Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute. Adama. Pp.47

<sup>18</sup>Kaarikilamii leenjii hojiin duraa inistituyutii qorannoo fi leenjii seeraa federaalaa, 2011, fuula 8.

irratti dhiibbaa sababin umuu danda'u keessaa babal'inaa fi walitti eda'amuu addunyaa keessa jirruu, guddina teekinooloojii fi fedhii barnoota qulqullina qabu uumuudhaaf barbaachisaadha<sup>19</sup>.

- ❖ Jijiirama namoota biratti mul'atan (change in people); jijiiramni sirna leenjii jijiirama namoota biratti mul'atu irratti hundaa'a. Kanaafuu, jijiirrama beekumsaa, hubannoo mirga seeraa lammilee, gahumsaa fi dandeetti wayitaawaa ta'ee fi sirni haqaa barbaadu yaada keessa galchuudhaan sirni leenjii jijiirama kanaan waajjiin deemu qopheessuun barbaachisaadha<sup>20</sup>.

Walumaagalaatti, hoog barruwwan olitti ibsaman kana akka galtee tokkootti fudhachuudhaan Sirni Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa fooyyeessuu keessatti hojiirra oolanii jiru.

## 2.6 Moodeloota Sirna Leenjii

Sirni leenjii adeemsa ittiin qophaa'uu fi dhimmoota hammachuu qabu maal fa'i akka ta'an moodeelooni hayyoota gara garaan qophaa'an ni ibsu. Hayyooni akka Tyler, Taabaa, fi Weeler moodeela sirna leenjii qopheessan irratti hamma ta'e tokko garaagarummaa qabataanillee sirni leenjii tokko yaroo qophaa'uu kaayyoo gooroo, kaayyoo goree, qabiyyee sirna leenjii, sirna madaallii qabaachuu akka qabu moodeela isaan qopheessan irraa ni hubatama.<sup>21</sup> Fakkeenyaaaf, Tyler (1949) sirni leenjii yaroo karoorfamu gulantaalee afur keessa darbuu akka qabu ibsee jira. Moodeeliin kunis 'Tyler's Model' jedhamuun beekama. Gulantaan inni duraa kaayyoolee ifa ta'an kaa'uudha. Kaayyoolee odeeffannoo leenjiifamtoota, haalaa qabatama hawaasaa, mata duree leenjii, falaasama barnootaa fi mana leenjii irraa walitti qabamuun kaayyoo bu'aa irratti xiyyeffatu kaa'uu barbaachisaa akka ta'e Tyler ibsee jira. Gulantaan inni lammataa fi sadaffaan muuxanoowwan baratamuu danda'an (qabxii marii) filuu fi gurmeessuu (selection and organization of learning experience) yoo t'uu, kunis kaayyoo sirna leenjiichaa irratti hunda'uudhan filamee gurmaa'a. Gulantaan inni dhumaan madaalliidha. Xumura irratti kaayyooleen kaa'aman galma gahuu fi dhabuu isaanii madaallii gaggeeffamu akka qabu Tyler akeekee jira.

Kana malees, hayyuun Taabaa jedhamtu 'Moodeela Taabaa' jedhamu bara 1962 qopheessitee jirti. Moodeellii kun sirni leenjii qaama ol-aanaa ykn giddu-galeessa tokkoon qophaa'ee gadbu'uu akka hin qabnee fi barsiistoota ykn leenjistootaan qophaa'uu akka qabu ibsa. Itti

<sup>19</sup> Miil jalee olii lakk. 6

<sup>20</sup> Miil jalee olii

<sup>21</sup> Dr. Robsan Margo (2018): Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute, Adama. Fuula 66-101

dabaluuunis, sirni leenjii yaroo qophaa'u fedhii leenjifamtootaa ka'umsa godhachuu akka qabu akeekti. Tabaan sirni leenjii yaroo qophaa'u gulantaalee toorba keessa darbuu akka qabu akeektee jirti. Isaanis: sakata'iinsa fedhii leenjii gaggeessuu, kaayyoolee goree kaa'uu, qabiyyeewan leenjii filuu, qabiyyeewan leenjii gurmeessuu (sadarkaa fi walduraa duuba isaanii eeganii), muuxannoowwan baratamuun danda'an (qabxii marii) filuu fi gurmeessuu fi maadalliidha.

Akka waliigalatti, moodeeloonni kunniin sirna leenjii qopheessuuf kan gargaaran waan ta'aniif sirni leenjii hojii irraa yeroo dheeraa qophaa'uuf akka galteetti tokkootti fudhatamanii jiru.

## **2.7 Kaayyoolee Sirna Leenjiichaa (Curriculum Objectives)**

Leenjiin sirnawaa ta'e kaayyoo dursee bocamee fi hojii waliigalaatiif kaayyoo kallattii kennuun ykn akeekuuun deeggaramee kan bocamee fi qophaa'e qabaachuu qaba. Kaayyon leenjii leenjiifamtooni xumura leenjiichaa irratti maal dabalatanii fi gonfatani ykn amalaan fi naamusa isaanii irratti jijiirama maal uummataanii akka bahanii fi dhaabbatichis jijiirama ykn fooyya'iinsa maal akka fidee fi fiduu danda'u agarsiisuu kan danda'u ta'uu qaba<sup>22</sup>. Kaayyoolee yaroo qophaa'an sammuu, laphee ykn garaa fi harka (cognitive, affective and psychomotor domain) leenjiifamaa irratti hunda'uudhaan qophaa'uu qabu. Hima biraatiin kaayyooleen leenjii sammuu fi miira leenjiifamaa jijiiruu, ogummaa harkaan waa hoijechuu barsiisuu haala danda'uun qophaa'uu qaba. Beekumsa dabaluun, ilaalcha qaruu fi akkaataa waan baratee hojniitti jijiiru irratti hunda'uun qaba. Kana malees, kaayyooleen yaroo qophaa'an jecha gochaa (action verb) fayyadamuun qophaa'uu qabu. <sup>23</sup>

Akka waliigalatti, kaayyooleen leenjii kunniin sirna leenjii qopheessuuf kan gargaaran waan ta'aniif sirni leenjii hojii irraa yeroo dheeraa qophaa'uuf akka galteetti tokkootti fudhatamanii jiru.

## **2.8 Qabiyyee Sirna Leenjii (Curriculum Content)**

Qabiyyeen leenjii ijoowwan (facts), yaad-rimee, qajeeltoowwan, seeroota, yaadoota guduunfaa kaayyoo leenjii dhugoomsuuf barattootaan baratamu kan hammatuudha. Qabiyyeen leenjii foon karoora sirna leenjii (the flash of curriculum) jedhamuun beekama. Qabiyyeewan sirna leenjii/mata dureewwan leenjii qajeeltoowwan gurguddoo itti aanaan irratti hunda'uudhan

---

<sup>22</sup> . miil jalee olii

<sup>23</sup> Robsan Margo (2018); Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute. Adama. Fuula 82-90

filatamu.<sup>24</sup> Tokkooffaa qabiyyeen sirna leenji dhugaa (valid) irratti kan hunda'ee ta'u qaba. Kana jechuun bu'aa leenjii irraa barbaadamu fiduuf galmootaa fi kaayyoolee sirna leenjii waliin wal-simuu qaba.

Kanaaf, dhugummaa qabiyyichaa, kaayyoolee waliin wal-simuu fi dhabuu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Lammaffaa, qabiyyee sirna leenjii filachuuf qajeeltoon gargaaran qajeeltoo hundagaleessummaa (comprehensiveness) jedhama. Kana jechuun kaayyooleen akkaataa qabiyyeetiin yaroo qophaa'an kutaa sammuu (cognitive domain), kutaa miiraa (affective domain) fi kutaa gochaa (psychomotor domain) hammachuu qabu. Qajeeltoo sadaffaan qajeeltoo sirrii (appropriateness) jedhama. Leenjii bu'aa qabeessa ta'e akka argamu qabiyyeen sirna leenjii sadarkaa leenjifamaan irra jiru waliin wal-simuu qaba. Qabiyyeen leenjiichaa leenji'aaf hiika kan kenuu yoo ta'e, leenji'aan sirriitti barachuu fi waan baraate yaroo dheeraaf yaadachuu ni danda'a. Hima biraatiin akka qajeeltoon kun ibsutti sirni leenjii fedhii fi faayidaa leenjifamtoota guutuu qaba jechuudha. Qajeeltoo arfaffaan qajeeltoo bal'innaa fi gad-fagoo wal-madallichiisuu (balance of breadth and depth) jedhama.

Qajeeltoowwan kunniin qabiyyee leenjii filachuuf ulgaalee guutamuu qabanidha. Gadi-fageenya jechuun hamma waan tokko hubachuu jechuudha. Bal'inna jechuun immoo bal'inna uwvisa qabiyyee leenjii jechuudha. Bal'inna harka caalaa fayyadamuun dhugaawwan lafarra jiran (specific descriptive facts) sammuu nاما keessaatti akka kuufamu taasiisa malee hariiroowwan dhugaawwan lafarra jiranii fi yaadoota ijom ta'an gidduu jiru hin agarsiisu. Hariiroowwan isaan jiddu jiru kan agarsiisuu qajeeltoo gad-fagooti. Jecha biraatiin, gad-fagoo jechuun qajeeltoowwan bu'uura, yaadootaa ykn yaad-rimmeewan akkasumas hojiirra oolmaa isaanii guutummaan guutuuttii fi sirriitti hubachuu jechuudha. Madaallii qajeeltoowwan lamaan jidduu jiruu akka eegamuu taassiisuuuf dandeettii waan iddo tokkotti baratame iddo biraa fi bakka rakkoleen biroo qunnamanitti hojiirra oolchuu gabbisuu fi dabarsuudhan eeguun ni danda'ama.

Ulaagaa shanaffaan qabiyyewwanii fi bu'aalee sirna leenjii dhugaawwan hawaasummaa fi aadaa waliin rogummaa (relevance to life) qabaachuu akka qabu akeeka. Addunyarraa jijiiramni gama hawaasummaa, aadaa fi teeknoloojiittiin ariitiidhaan taassifama jira waan ta'eef qabiyyeen leenjii haala kana waliin wal-simuu qaba. Qajeeltoo inni jahaffaan qabiyyeen sirna leenjii fedhii leenjifamtootaa (needs and interests of the learner) irratti hunda'uudhan filamuu qaba jedha. Fedhiin kunis bilchina, muuxannoo duraan qaban fi

<sup>24</sup> Robsan Margo 2018: Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute. Adama. Fuula 91-96

walitti dhufeeyenya leenjiifamtoonni hawaasaa waliin qaban irratti hunda'a. Sababni isaa beekumsii fi dandeettiin dhugaa leenjiifamtoonni argatan hiika kan argatu fedhii isaanii giddu-galeessa yoo godhateedha. Dhuma irratti, qabiyyeen leenjii yaroo qophaa'u qabiyyeen qophaa'u kan baratamuu fi muuxannoo leenjiifatootaa fanaa deemuu ykn madaquu (learneability and adaptability) kan danda'u ta'uu qaba. Humna leejiifamaa ol ta'ee barachuuf kan rakkisu ta'uu hin qabu jechuudha. Akka waliigalaatti yaroo qabiyyeewan filataman ulaagalee armaan olitti eeraman kanneen giddu galeessa godhachuun filatamuu qabu.

Kanaafuu, qabiyyeewan kunniin sirna leenjii keessatti hammatamuu waan qabaniif sirni leenjii hojii irraa yeroo dheeraa qopha'uuf akka galtee tokkootti fudhatamanii jiru.

## 2.9 Tooftaalee Leenjii (Training Methods)

Tooftaaleen leenjii kaayyoolee fi galmoota sirna leenjii keessatti kaa'aman galmaan gahuuf baay'ee murteessadha. Tooftaaleen leenjii kaayyoolee fi galmoota sirna leenjii waliin haala wal simuun qophaa'u qabu<sup>25</sup>.

Bu'uuruma kanaan leenjiin kennamu tooftaalee akka ibsa daree hirmaachisaa ta'e, xinxala dhimmaa, leenjii rakkoo qabatamaa irratti hundaa'ee kennamu, hojjetanii agarsiisuu, daawwanaa, ta'anii argamuu, tutooriyaalii, ofiif of leenjiisuu, muxannoo wal jijiiruu, yaalii laabiratoorii keessatti taasifamu, daawwanna dirree, wal leenjiisuu, miidiyaa adda addaatiin lenjii'uu fi kkf deeggaramuu akka qabu barreffamoonni ni ibsu<sup>26</sup>.

Kanaaf, tooftaalee leenjii kanneen sirna leenjii hojirraa yeroo dheeraatiif rogummaa qaban addaan baasudhaan sirna leenjii qophaa'u keessatti akka galtee tokkootti hojiirra oolanii jiru.

## 2.10 Sirna Gamaagamaa fi Madaallii Leenjii

Madaallii ilaachisee hog-barruuwwan adda addaa yaada gara garaa ibsu. Irra caalmaan yaad-rimichi akka armaan gaditti ibsama:

*“Evaluation in simple terms may be defined as an assessment of value or worth of an activity in terms of some criteria of value in light of the available information.”*

Hima kana irraa ka'uudhan, madaallii leenjii jechuun akka hayyu Hambaaliin jedhamu ibsutti leenjii kenname ykn kennamaa jiruun wal-qabatee bu'aa leenjii irraa argamee fi faayidaa

<sup>25</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader.

<sup>26</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader. p.145.

leenjichi dabaluu danda'u ilaachisee odeeffannoo/duub-deebii argachuudhaaf hojii hojjetamuudha.<sup>27</sup>

Gama biraatiin, madaallii leenjii jechuun adeemsa leenjii keessatti meeshaa tarkaanfii fudhatamuu qabatu ittiin hooganamuu fi haala sirnaawaa fi galma qabeessa ta'een, rogummaa, bu'a qabeessummaa, fi bu'aa xumuraa irratti kallattii kaayyoo leenjiichi barbaachiseef irratti hundaa'ee kennamuutiin bu'aa argame adda baafachuu ta'e, kaayyoonaas, hojii leenjii qabatamaan hojjatamaa jiru ykn fuul-duraaf hojjetamu fooyyessuudhaaf tarkaanfii fudhachuudhaaf hojii hojjetamuudha<sup>28</sup>.

Kaayyoona gamaaggamaa fi madaallii inni ijoon leenjifamtoonni kaayyoo leenjichaa milkeessuu isaanii mirkaneessuudha<sup>29</sup>. Madaalliin tokko madaallii gahumsa qabuudha kan jedhamu kaayyoo fi galma sirna leenjii waliin kan wal simatu fi bu'aa leenjii irratti qofa kan xiyyefatu osoo hin taane adeemsa baruu fi barsiisutifillee xiyyefannoo gahaa ta'e kan kenuu ta'uu qaba<sup>30</sup>.

Bu'uuruma kanaan, madaalliin leenjii qormaata (filannoo, walitti firoomsuu, dhugaa fi soba), xiinxala dhimmaa, barreessii, pirojeekitiwwan adda addaa hojjechiisiisuu, garee hojiitiin wal madaallichisuu fi of madaaluu, mata dureewwan adda bahe irratti barreffama gabaabaa qopheessanii dhiyeessuu, rakkoo qabatamaa kennuudhaan yaada furmaataa akka dhiyeessan taasisuu fi kkf hojiirra ooluu danda'u<sup>31</sup>.

Kana malees, madaalliin leenjii gamaaggama (leenjii, leenjisaa, meeshaalee leenjii, fi tooftaa kenna leenjii), qormaata (leenjifamtoota), meeshaalee hojiwwan kun ittiin raawwataman bu'a qabeessummaa isaanii kan ittiin safaramu ta'ee, madaalliin kunis; Leenjiin dura, Adeemsa leenjii keessattii, fi Leenjii boodatti ykn leenjiin erga xumuramee booda kan raawwatamu akka ta'e barreffamoonni ni ibsu. <sup>32</sup>

## 2.10.1 Gosoota Madaallii Leenjii

Gosoota Madaallii leenjii bakka lamatti qooduudhaan itti fayyadamuun ni danda'ama<sup>33</sup>.

<sup>27</sup> Wixinnee maanuwaalii daareekteerootii kenna leenjii fi tajaajila gorsa seeraa ILQSO, 2011, Adaamaa.

<sup>28</sup> Miil jalee olii

<sup>29</sup> Dr. Robsan M, (2018), Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia justice sector professionals and legal research institute, Adama.

<sup>30</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader. p.33- 35, 169- 171.

<sup>31</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader. P.169 - 171.

<sup>32</sup> Wixinnee maanuwaalii daareekteerootii kenna leenjii fi tajaajila gorsa seeraa ILQSO, 2011, Adaamaa.

<sup>33</sup> Miil jalee olii.

#### **2.10.1.1. Madaallii Adeemsa Leenjii keessatti Gaggeeffamu (Formative Evaluation)**

Madaalliin gosa kanaa kan kennamu osoo leenjiin gaggeeffamuu yoo ta'u, madaallichi kan irratti xiyyeefatus leenjifamtooni leenjicha akkamitti akka hubachaa jiran ykn leenjichi galma yaadame wajjiin akkamitti deemaa akka jiru hubachuudha. Madaalliin kunis amala, jijiirrama fi yaa'iinsa leenjichaa haala fooyya'iinsa qabuun itti fufisiisuudhaaf kan fayyaduudha. Dabalataanis, madaalliin kun yaroo leenjiin kennamu kan gaggeefamu ta'ee, raawwiin isaas Adeemsa leenjichaa hordofuudhaan, yaada fudhachuudhaanii fi rakkolee adeemsa keessatti adda bahan irratti battalumatti tarkaanfi sirreeffamaa fudhachuudhaaf kan gargaaruudha<sup>34</sup>.

Madaallii kana keessatti leenjisaan maloota adda addaa fayyadamuudhaan leenjiifamtooni leenjicha hordofuu fi barachaa jiraachuu isaanii kan ittiin mirkaneeffatuudha. Fakkeenyaaaf, leenjisaan tasaa gaaffii yaad rime falmisisaa ta'e irratti gaafachuu, barreeffama gabaabduu daree keessatti akka barreessan taasisuu, duub deebii gaafachuu fi kennuudhaan qajeelchuu kkf hojiirra oolchuun adeemsa baruu fi barsiisuttiin jijiirrama dhufe madaalaa mala ittiin deemudha<sup>35</sup>.

Kanaafuu, maddaalliin adeemsa leenjii keessatti gaggeeffamu bu'a qabeessummaa fi qulqullina leenjii dabaluudhaaf leenjiwwan kennaman jijiirrama amala, dandeettii, miira tajaajiltummaa fi beekumsa hirmaattonni dabalatan ykn agarsiisaa dhufan addaan baafachaa deemudhaaf galtee tokko ta'ee sirna leenjii yeroo dheeraa keessatti hojiirra oolee jira.

#### **2.10.1.2. Madaallii Xumura Leenjii Irratti Gaggeeffamu (Summative Evaluation)**

Madaalliin gosa kanaa xumura mata dureewwan leenjii kennaman irratti kan raawwatamuudha. Madaalliin gosa kanaa kan gaggeeffamuuf bu'aa batallee mata dureen leenjichaa buuse ykn sagantaan leenjichaa argamsiise addaan baafachuudha. Madaalliin kunis bu'aa fi galma leenjichaa walitti fiduudhaaf, bu'aa batallee adda baasanii guduunfudhaaf, qabiyyee leenjichaa fi karoora fuul-duraa adda baasanii beekuudhaaf kan gargaarudha.<sup>36</sup>

Madaallii kana keessatti faayidaa irra kan olan gosa qormaata adda addaa kanneen akka qormaata xumuraa, battalée, qormaata walakeessaa, gosa hojii kaminiyyuu kennamuu danda'an (fkn, projeekitii, barreeffama qophaa'ee dhiyaatu...) ta'ee, kaayyoon isaa bu'uuraa

---

<sup>34</sup> Training management in organization, Ethiopian Management Institute, 2017, Addis Ababa, p.59.

<sup>35</sup> [Www. BookWidgets.com/interactive learning](http://www.BookWidgets.com/interactive-learning) /the difference between formative and summative assessment, accessed on 19/11/19. at 05:41

<sup>36</sup> Training management in organization, Ethiopian Management Institute, 2017, Addis Ababa, p.59.

leenjiifamtoonni mata dureewwan leenjii fudhatan sirriitti hubachuu fi dhabuu isaanii madaaluudha<sup>37</sup>.

Kanaafuu, adeemsa leenjii keessatti xumura mata dureewwan leenjiin irratti kennamanii hunda irratti madaallii kana gaggeessaa fi bu'aa batallee leenjichaa mirkaneeffachaa deemuun barbaachisaa ta'a.

## 2.11 Madaallii Leenjii Hordofamuu Qaban

Kenna leenjii keessatti madaalliwyan hordofamuu qaban moodeeliwwan adda addaa kan ibsan yoo ta'u isaan kannen keessaa moddeeliin hayyuu kiriik paatiriik jedhamu (kirk patirck's evaluation model) kanneen itti aanan kana ka'ee jira<sup>38</sup>.

1. **Yaada Fudhachuun Madaaluu (Reaction):** jechuun hirmaattoonni leenjichaa, waa'ee sagantaa leenjii, meeshaalee leenjii, leenjisaa leenjicha kenu, tooftaa kenna leenjii leecolee leenjichaa fi qabiyyee leenjichaa ilaachisee yaada akka kennan gochuudhaan madaallii gaggeeffamu jechuudha.
2. **Dandeettii fi Beekumsa Madaaluu (Learning):** jechuun hirmaattoonni leenjii kenname/mu keessatti qajeeltowwan bu'uuraa, dhimmoota qabatamoo, tooftaalee rakkoo ittiin hiikan, ogummaa fi beekumsa mata dureewwan leenjii irraa argatan safaruudhaaf madaallii gargaaru jechuudha.
3. **Jijiirrama Amalaa Madaaluu (Behavioural Change):** jechuun hirmaattoonni adeemsa leenjichaa keessatti dandeettii fi beekumsi gonfatan hojii isaanii irratti jijiirrama amalaa hangam akka uumee fi dandeettii fi beekumsa kanas hojiitti akka hiikan kan isaan dandeessisu ta'uu isaa addaan baafachuudhaaf madaallii taasiffamu jechuudha.
4. **Bu'aa Leenjii Madaaluu (Result Evaluation):** jechuun hirmaatonni leenjicha erga fudhatanii booda mana hojii isaanii keessatti fooyya'iinsa argame kanneen akka baasii quachuu, jijiirrama bu'aa hojii fi qulqullina tajaajilaa ilaachisee jijiirrama argamee fi galmaa'e (fooyya'e) hordofuu jechuudha.

Kanaafuu, modeeliin kun haala qabatamaa kaayyoo fi galma leenjii inistiitiyuutichaa wajjiin kan deemuu fi bu'a qabeesummaa leenjii madaaludhaaf faayyida ol'aana moodeela qabu waan ta'eef akka galtee tokkootti fudhaachuudhaan sirna leenjii hojii irraa keessatti fayyida irra oolee jira.

---

<sup>37</sup> [Www. BookWidgets.com/interactive learning /the difference between formative and summative assessment](http://www.BookWidgets.com/interactive learning /the difference between formative and summative assessment), accessed on 19/11/19. at 05:41

<sup>38</sup> D. Kirk patirck's, evaluating training programs, 1975.

## **2.12 Turmaata Yaroo Leenjii**

Yeroo turmaata leenjiin tokko fudhatu ilaalchisee sirna seeraa tokko irraa gara sirna seeraa biraatti, biyya tokko irraa biyya biraatti haala qabatamaa jiru irratti hundaa'udhaan garaagaruymmaa bal'aatu mul'ata.

Fakkenyaaf, biyya Awustiraaliyaatti abbaan seeraa tookko waggaatti guyyaa 3 ~4 fedhiidhaan kan leenji'u ta'uu; biyyaa Kaanaadaatti abbootiin seeraa haaraa ta'an waggaa 4 f waggaatti leenjii guyyoota 10 ~15 fedhiidhaan kan leenji'an ta'uu; biyya Faransaayiitti Abbootiin Seeraa fi abbootiin Alangaa waggaatti yoo xiqqaate guyyoota 5 f dirqama leenjii akka fudhatan; biyya Xaaliyaanitti abbaan seeraa fi abbaan alangaa yoo xiqqate waggaa 4 keessatti dirqama leenjii tokko fudhachuu akka qaban; biyya Ameerikaatti abbootiin seeraa fi hojjettoonni mana murtii sadarkaa federaalaatti fedhiidhaan, sadarkaa naannoleetti dirqama waggaa keessatti leenjii giddugaleessaan sa'aa 7~ 15 tti fudhachuun dandeettii isaanii cimsachuutu irraa akka qaban muuxannoowwan ilaallaman ni agarsiisu<sup>39</sup>.

Muuxannoowwan biyyooya armaan olitti eeraman irraa akka hubatamutti leenjiin hojjiiraa (continuous training) jedhamuun kennamu abbaan seeraa ykn abbaan alangaa ykn hojjetaan mana murtii fi abbaa alangaa tokko yeroo murtaa'e keessatti leenjii'u guyyaa fi sa'aatiidhaan adda bahee ka'amee jira. Dheerinni yeroo turmaata leenjii immoo akka haala qabatamaa biyyootatti adda addummaa kan qabu ta'uu isaa ni hubatama.

Gama biraatiin akka biyya keenyaatti leenjiin kun leenjii hojjiiraa yeroo dheeraa fi gabaabaa jedhamee kennama turee jira. leenjin hojjiiraa yeroo dheeraa ji'ota shanii walitti aananiif kennamaa kan ture yoo ta'u, leenjiin hojii irraa yeroo gabaabaa immoo guyyoota 2 – 5 tti kennamaa jira.

## **2.13. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu**

Sirni leenjii tokko qophaa'ee hojjiirra oolee booda hojii keessatti galteewwan argaman, madaallii gargaraatiin hanqinnoota adda bahan irraa ka'uudhaan akka jijiirrama jiru hammachaa deemuu fi hanqinnootiin jiran sirrachaa deeman taasisuuf yeroo yeroodhaan madaalamaa foyy'uu qaba.

Sirna leenjii madaaluun qaama sirna leenjii karoorsuu keessaa isa tokkoodha. Sirna leenjii madaaluu jechuun kayyoo sirni leenjichaa kaa'ate galma gahuu isaa madaaluu, bu'aa inni buusee fi hanqina isaa madaaluu jechuudha. Sirna leenjii madaaluun adeemsa hojjiirra oolmaa

---

<sup>39</sup> Journal of the international organization for judicial training, issue 5, 2016, p. 48

sirna leenjii keessatti fi erga hojiirra oolee booda ta'uu danda'a. Sirna leenjii madaaluudhaaf tooftaaleen garagaraa hojiirra ooluu danda'u. Fakkeenyaaaf, daataa walitti qabuudhaaf daawwannaa, af gaaffii, madaalliin dhuunfaa hojiirra ooluu akka danda'u haayyoonni barnoota irratti hojjetan ni ibsu. Hayyoonni kun adeemsa madaallii sirni leenjii keessa darbuu qabus ni ibsu. Isanis: kaayyoolee adda baasuu, haala jiru adda baasuu, meeshalee sirni leenjii ittiin madaalamu kaa'achuu, daataa sasaabuu fi hiikuu, bu'aa madaallii fayyadamuudhaan sirna leenjii fooyyeessuu kan hammatu ta'uu ni ibsu<sup>40</sup>.

Haa ta'u malee, sirni leenjii yeroo itti foyya'uun wal qabatee barreeffamoonni adda baasanii wanti ibsan jiraachuu baatullee wixinnee sirna leenjii sagantaa leenjii hojiin duraa wirtuu leenjii federaalaa garuu wagga 4 keessatti fooyya'uu akka qabu akeekee jira<sup>41</sup>.

---

<sup>40</sup> Dr. Robsan M, (2018), Curriculum Design and Development: .a module prepared for the training organized and offered for Oromia justice sector professionals and legal research institute, Adama. p.130 – 142.

<sup>41</sup> sirna leenjii sagantaa leenjii hojiin duraa , Finfinnee , 2011, p. 17

## **BOQONNAA SADI**

### **DHIYEESAA FI XIINXAALA DAATAA**

#### **3.1. Seensa**

Boqonnaa kana jalatti kaayyoo qorannichaa irratti hunda'uudhan daataan bifa af-gaaffiitiin hirmaattota qorannichaa fi hoog barruu rogummaa qaban irraa walitti qabame akka itti aanutti dhiyaatee xiinxalamee jira. Haaluma kanaanan daataan af-gaaffiin walitti qabame bifa seeneessuun kan xiinxalame yoo ta'u, daataan kunis odeeffannoowwan hoog barruu irraa argameen deggaramee jira. Haaluma kanan, boqonnaa kana jalatti sirni barnootaa leenjii hojiin hojii irraa yeroo dheeraa qabiyyee leenjii hammachuu qabu, turmaata yeroo leenjichaa, mala leenjii hordofamuu qabu, meeshaale leenjii fi deeggarsaa leenjiichi ittiin deeggaramuu qabu, sirna madallii leenjii hojiirra ooluu qabuu fi ademsa sirni leenjiichaa ittiin madallamee fooyya'u danda'u kanneen jedhan daataa akkaamtaadhan deeggaruun xiinxalamee jira.

#### **3.2. Qabiyyeen leenjii sirna leenjii SLHYDh keessatti hammatamuu qaban**

Gaaffii qorannoo mata dureewwan sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hammatamuu qabaniin wal qabatee gaafatame deebisuuf Kaariikilamii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii federaalaatiin qophaa'e fi daataa bifa af gaaffiin hirmaattota qorannichaa irraa walitti qabame akka itti aanutti xinxalamee jira.

Bu'uuruma kanaan, Sirni Leenjii Sagantaan Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa Inistiitiyuutichaa kanaan dura itti fayyadamaa ture irratti qabiyyeen mata dureewwan leenjii sagantaa kanaan kennamaa turan: 1). Heera mootummaa fi gahee qaamolee haqaa 2). Imammata mootummaa, 3). Itti gafatamummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa, 4). Naamusa ogummaa, 5). Seera lafa baadiyaa fi magaalaa, 6). Seera dhaalaa, 7). Sirna seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa, 8). Sirna seera deemsa falmii yakkaa, 9). Abbaa alangaa fi hojii qorannaak yakkaa, 10). Shallaggii beenyaa murteessuu, 11). Qajeelfama adabbii murteessuu, 12). Barreessa murtii, 13). BPR fi haqa, 14). Hooggansa dhangan'iinsa dhimmaa, 15). Hooggasa dhaddachaa kanneen jedhaman hammatamanii ittiin hojjetamaa turee jira<sup>42</sup>.

Dabalataan, gaaffii qoraannichi qabatee ka'ee deebisuu fi sirna leenji sagantaa leenjii hojii irraa yeroo dheeraa keessatti mata dureewwan hammatamuu qaban adda baasuuf af gaaffiin hirmaattota qorannichaan waliin af gaaffiin kan gaggeeffame yoo ta'u isaanis mata

<sup>42</sup> Kaariikilamii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii federaalaatiin qophaa'e, 2001. Fifinnee.

dureewwan sирничай кеесатти хамматамуу qабании fi иддоо irratti xiyyeefatamuу qабу akka itti aanutti ibsanii jiru.

1. **Gaggeessummaa:** hirmaattootni qorannichaa leenjii gaggeessummaa keessatti, leenjii Abbootii Seeraa Hojiif Kakaasu (motivational training), gaggeessummaa abbaa seerummaa (Judicial leadership) kana akka Abbaan seeraa maaliif abbaa seeraa akka ta'e, gaheen isaa maal akka ta'e, uummataa fi biyyaaf maal akka fayyadu ykn buusuu akka onnatu gochuudhaa fi ogummaa kominikeeshiini (communication skill) hammatamee kennamuу akka qabu ibsanii jiru.<sup>43</sup>

Kunis, leenjiin gaggeessummaa irratti kennamu gaggeessummaa abbaa seerummaa, leenjii abbootii seeraa hojiif kakaasuu fi si'eessu fi ogummaa kominikeeshiini hammachuu akka qabu agarsiisa.

2. **Seera Deemsа Falmii Yakkaa:** hirmaattootni qorannichaa SDFY hojiirra oolchuudhan yakkaa wal-qabatee taatee himannaа keessatti ibsame gaafachuu dhabuun kan mul'atu ta'uу<sup>44</sup>, jecha himatamaa fudhuun galmeessuun guutumaan guututti amanee jira, mirga isaa eeggatee amanee jira jechuun bira darbuu kan jiru ta'uу, gaaffii duraa, qulqulleessaa, keessa deebii gaaffachuu irratti hanqinni akka jiru, ragaa walitti fiduu, ijo baasuu fi guduunfuun wal-qabatee rakkoo bal'aan akka jiru ibsuun<sup>45</sup> leenjiichi hojii qorannaа yakkaa hoogganuu,<sup>46</sup> qorannaа yakkaa, himannaа, falmii fi ol'iyyannoон<sup>47</sup> hammachuu akka qabu ibsanii jiru.

Yaada hirmaattota qorannoo kana irraa akka hubatamutti leenjii SDFY kennamu keessatti akkaataa ijoo dubbii himannaа keessatti ibsame giddu galeessa godhachuu gaaffiin itti gaafatamu, kewwata 134, gaaffii duraa, keessa deebii fi qulqulleessaa, ragaa xiinxaluu fi madaaluu fi murtii barreessuu, qorannaа yakkaa gaggeessuu fi hoogganuu, himannaа yakkaa hundeessuu, falmii gaggeessuu fi ol'iyyannoо gaaffachuu hammachuu akka qabu agarsiisa.

3. **Seera Deemsа Falmii Hariiroo Hawaasaa:** hirmaattootni qorannichaa SDFHH hojiirra oolchuu keessatti haqinoota jiran ibsuun leenjiin irratti kennamuу akka akeekanii jiru.

---

<sup>43</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaа Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee

<sup>44</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaа Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee

<sup>45</sup> Obbo Fayyisaa Tolasaа,Daarkerteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

<sup>46</sup> Obbo Malkaamuu Namarraa, Daareekteera Daareekteeroottii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>47</sup> Obbo Tashoomaa Girmaa, Abbaa Alangaa Waliigala oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, Obbo Taaddasaa Nugusee Daarkerteraa Daareekterootii Qorannaа Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 ,Finfinnee.

Bu'uuruma kanaan akka dhaddacha ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti rakkoo guddaan murtiilee manneen murtii jalaatiin kennaman irraa hubatamu rakkoo seera deemsa falmii ta'uu isaa; yoo adeemsi falmii bade fooyeessuun rakkisaa ta'uu fi dogogorri seera bu'uraa abbaa dhimmaa kan deemsaa caalaa baay'ee hin kan hin dhamaasne ta'uu; dogoggoorri seeraa deemsaa garuu dadhabsiisaa akka ta'e, Fakkeenyaaaf, manneen murtii jalaa garee wal-falmu duguuganii falmsiisuu dhabuu, waan gaaffachuu qabu gaaffachuu dhabuu; ijo qabatee gad qabee gaaffachuu irratti hanqinni akka mul'atu; ragaa fudhuu fi falmsiisuu irratti rakkoo kan jiru ta'uu, ragaa erga fuudhamee booda irra deebi'eemee akka fuudhu ajajuun baayyee ulfaataa akka ta'e; abbaan dhimmaa waan isa fayyadu gaafachuun ta'uu rakkoo akka ta'e; murtii irra deebi'anii ilaaluu (judicial review Art.6) wal qabatee fkn gaaffiin bu'uura tumaa kanaan ka'u ega beekee ji'a tokko darbee jira jedhamee gaafficha kufaa gochuun kan jiru ta'uu ibsuun leenjiin gad-qabamee irratti kennamuu akka qabu ibsanii jiru.<sup>48</sup> Kana malees, hirmaattootni qorannichaa gaaffii duraa, qulqulleessaa, keessa deebii gaaffachuu haqinni kan jiru ta'uu, ragaa walitti fiduu, ijo baasuu fi guduunfuun wal-qabatee rakkoo bal'aan akka jiru; barreessa murtii wal fakkachuu dhabuu, himataa fi deebii irra debi'uun barreessuun ibsuun leenjii kennamuu akka qabu akeekanii jiru.<sup>49</sup> Yaadni hirmaatoota qorannichaa kun leenjichi ijo qabachuu, falmsiisuu fi raga fudhuu, gaaffii duraa, qulqulleessaa, keessa deebii gaafachuu, ragaa xiinxaaluu fi murtii barreessuu murtii irra deebi'anii ilaaluu (judicial review Art.6) of keessatti hammachuu akka qabu agarsiisa.

4. **Seera Lafa Baadiyyaa fi Seera Lafa Magaalaa:** hirmaattotni qorannichaa seera lafa baadiyyaa fi magaalaa hojiirra oolchuu keessatti hanqinnaalee mul'atan ibsuun iddo leenjichi irratti xiyyeffachuu qabu akeekanii jiru. Bu'uuruma kanaan, falimii lafa baadiyyatiin wal qabatee ragaa qulqulleessuu irratti hanqinni abbootii seeraa tokko tokko biratti kan mul'atu ta'uu ibsamee jira. Fakkeenyaaaf lafa falmiin irratti ka'e qaaman dhaqanii ilaaluu dhabuu, dhugaa lafarraa jiru kallattii garagaraan qulqulleeffachuu walqabatee lafti maqaa eenyuun galmaa'ee akka jiru kooppii ragaa barreeffamaa akka fidan gochuun, warra lafaa falmiin irratti ka'e daangessan, caasaa

---

<sup>48</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qoranna Boodaa, 02/03/2011, Finfinnee obbo Malkaamuu Namarraa Daareekteera Daareekterootii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 , Finfinnee, obbo Tashoomaa Girmaa Abbaa Alangaa Waliigala oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>49</sup> Obboo Fayyisaa Tolasa, Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qoranno fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

gandaan fi koree shallagduu fi waajjirri bulchiinsa lafaa irraa wa'ee qabiyyee lafa falmiin irratti ka'ee qulqulleeffachuu dhabuu, lafti falmiin irratti ka'e maqaa eenyutiin akka galmaa'ee fi adeemsa akkamiin akka galmaa'e waajjirri lafaa gaafatamuu osoo qabu lafti kan eenyutii? jedhanii gaaffachuu,

taateewwan himanna keessatti ibsamanii fi kan ragaan jedhu garaagaruummaa qabaachuu, himanna keessatti lafti falmiin irratti ka'e daangaa isaa qabiyyeewan biroo kaabaan, kibbaan, bahaa fi dhihaa daangeessan ibsullee, ragaaleen namaa hawasaa keessatti waan jedhamu irraa kaa'nii mataa duraan, bitaa fi mirgaan, baha biiftuun, lixa biftuun qabiyyee lafaa lafa falmiin irratti ka'e daangeessuu mana murtii jalatti yeroo ibsanillee manneen murtii jala tokko tokko immoo manni murtii himanna hiikuu hin qabu jechuun ragaa kana kufaa yoo godhan hojii keessatti kan mul'atu ta'uun ibsamee jira.

Seera Lafa Magaalaa ilaalcissee bara 1995 irraa jalqabee magaalli babbalchaa dhufuu isaa, iddo tokko tokko magaalaa ykn baadiyyaa ta'uun isaa adda baasuun rakkisaa ta'uun, qonnaan bulaaf beenyaa fi ragaan kan hin kennamne ta'uun, qonnaan bultoonni baayyeen sababa raga hin qabneef gibira kan hin kanfalle ta'uun irraa kan ka'e waliddaan lafa magaalaa irratti qonnaan bulaa fi mootummaa giddutti umamu yeroo mana murtii dhufu abbootiin seeraa tokko tokko lamanuu ragaa irratti hin qaban yeroo jedhan kan mul'atu ta'uun ibsuun ragaan haala qabatamaa lafarra jiruun (context) ilaalamuu akka qabu, dhugaan lafarra jiru mirkanaa'uun akka qabu (factual proof) fi dhimma kana irratti yoo xiqlaate manni murtii durii kaasee eenu itti fayyadamaa akka ture qulqulleessuu akka qabu akeekamee jira. Gama biraatiin, leenjichi raga qulqulleessatti dabalataan darbiinsa yeroo hammachuu akka qabu ibsamee jira<sup>50</sup>.

Argannoon qorannichaa, leenjiin seera lafa baadiyyaa fi seera lafa magaalaa irratti kennamu ragaa qulqulleessaa fi darbiinsa yeroo irratti xiyyeffachuu akka qabu agarsiisa.

5. **Seeraa Dhaala:** hirmattootni qorannichaa leenjiin seera dhaala irratti kennamu yaada kwt.1000 (2) duubaa jiru, yaada seera baastu irratti hunda'uudhan ifa gochuu, Fakkeenyaaaf, gamoo magaalaa keessatti ijaarame fi dhaalaan maatiiti darbe tokko irratti falmiin yoo ka'e tumaan kun raawwatiinsa qabaa? dhimmoota jedhaan fi kkf ifa

---

<sup>50</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qoranna Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee

gochuu; darbiinsa yeroo,<sup>51</sup> fi qajeeltoo waliigalaa Seera dhaalaa hammachuu akka qabu ibsamee jira.<sup>52</sup>

Argannoon kunis, leenjiin seera dhaalaa irratti kennamu seera hariiroo hawaasaa keewwata 1000(2), darbiinsa yeroo dhimma dhaalaan wal qabatuu fi qajeltowwan waliigalaa seeraa dhaalaatiin wal qabatan hammachuu akka qabu agarsiisa.

6. **Seeraa Maatii:** hirmaattonni qorannichaa seerri maatii sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa qophaa'u keessatti hammatamuu akka qabu ibsanii jiru<sup>53</sup>.
7. **Malaammaltummaa:** hirmaattootni qorannichaa leenjiin malaammaltummaa irratti kennamu labsii, dambii fi qajeelfama Ijaarsaa, bittaan wal qabatee malaammaltummaa fi hojumaata badaa mul'atan,<sup>54</sup> yakka malaammaltummaa sanadootaan wal qabatan, mallaqa seeran ala argame seera qabeessa fakkeessanii dhiyeessyuu<sup>55</sup> fi himannaahariiroo hawaasaa dhiyeessuun qabeenya malaammaltummaadhaan horatame deebisiisuu kannen jedhan hammachuu akka qabu ibsamee jira<sup>56</sup>.
8. **Qajeelfama Adabbii:** hirmaattootni qorannichaa leenjiin qajeelfama adabbii irratti kennamu murtii dhaddachi ijibbaata federaalaa dhimma dagannoona nama ajjeessuu irratti murteesse,<sup>57</sup> fi akkaataa adabbiin itti daanga'u hammachuu akka qabu ibsanii jiru.<sup>58</sup>
9. **Seera Yakkaa:** hirmaattootni qorannichaa leenjiin seera yakkaa irratti kennamu qajeeltoowwan seera yakkaa, ajjeechaa dagannoo balaa konkolaataa,<sup>59</sup> hanna fi dhoksa, ajeechaa kew. 539 fi 540 jidduu garaagarummaa jiru fi yakkoonni kun raawwataman jechiuudhaaf wantoota guuttachuu qaban, yakkoota koomipiyuutaraa fi

<sup>51</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaa Boodaa , 02/03/2011, Finfinnee, aadde Fiqir Zalaalam Daareekteera Daareekterootii Kenna Haayyama Abukaatoo Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>52</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

<sup>53</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee aadde Fiqir Zalaalam Daareekteera Daareekterootii Kenna Haayyama Abukaatoo Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>54</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaa Boodaa , 02/03/2011, Finfinnee obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.,

<sup>55</sup> obbo Malkaamuu Namarrraa Daareekteera Daareekterootii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 , Finfinnee.

<sup>56</sup> <sup>56</sup> obbo Hundarraa Fiqaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>57</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaa Boodaa , 02/03/2011, Finfinnee; Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

<sup>58</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

<sup>59</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

interneetii (cybercrimes), labsiilee haaraa yakka hundeessan kan akka; namaan daldaluu fi seeran ala naannessuun<sup>60</sup> hammachuu akka qabu akeekanii jiru.

10. **Seera Taaksii:** hirmaattotni qorannichaa leenjiin seera taaksii irratti kennamu itti gaafatatummaa yakkaa abbaa qabeenyaa fi hojjettoota isaa wal qabatu, dhimma bulchiinsa taaskii ilaalcissee murtii boordii oliyyannoon kennamu,<sup>61</sup> seerota fi qajeelfamoota hojii taaksiitiin wal qabatan<sup>62</sup> hammachuu akka qabu akeekanii jiru.
11. **Seera Hojeetaa fi hojjechisaa:** sirni leenjii hojirraa yeroo dheeraa seera hojjetaa fi hojjechiisaa hammachuu akka qabu ibsamee jira.<sup>63</sup>
12. **Bulchiinsa galmee** (case management): hirmaattotni qorannichaa abbaan seeraa hojii guyyaa guyyaan hojjetu irratti karoora waan hin qabneef galmeen heddummachaa kan jiru ta'uu ibsuun bulchiinsi galmee sirna leenjii keessatti hammatamuu akka qabu akeekanii jiru<sup>64</sup>.
13. **Naamusa Ogummaa:** hirmaattotni qorannichaa rakkoon naamusaa kanneen akka mata'aa fudhachuu, firummaa fi naannummaan hojjechuu kan calaqisu ta'uu ibsuun,<sup>65</sup> leenjii naamusaa keessatti akkaataa abbaan seeraa abbaa dhimmaa itti qabu (fair trial), akkaataa qorannaan dhimma naamusaa itti qulqulla'uu fi dhugaa baasuu, safuu, naamusa ogummaa (duudhaalee naamusa abbaa seerummaa), naamusa dhuunfaa, naamusa iddo hojii, naamusa gaggeessummaa (ethical leadership), akkaataa warri dhimma naamusaa bulchan dhimma naamusaa itti gaggeessan, abbaan seeraa dhimma

<sup>60</sup> obbo Malkaamuu Namarrraa Daareekteera Daareekterootii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 , Finfinnee, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>61</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daariikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee Obbo Taaddasaa Nugusee Daarekteraa Daareekterootii Qorannaa Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 , Finfinnee, obbo Tashoomaa Girmaa Abbaa Alangaa Waliigala oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>62</sup> <sup>63</sup> obbo Hundarraa Fiqaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>63</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daariikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee

<sup>64</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daariikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee; obbo Tacaan Margaa Daareekteera Daay/Qorannoo fi Atoominaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee;

<sup>65</sup> Obbo Taaddasaa Nugusee Daarekteraa Daareekterootii Qorannaa Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012 , Finfinnee. obbo Tashoomaa Girmaa Abbaa Alangaa Waliigala oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, obbo Isheetuu Daareekteera Daareekterootii Dhimma Hariiroo hawaasa , obbo Dassaalany Dangalaa, abbaa alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, obbo Gammachuu, Abbaa Alangaa MHAAWO, Aadde Wudinash Tasfaayee, Abbaa Alangaa MHAAWO, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, <sup>65</sup> obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee.

itti gaggeessu), tarsiimoo dagaagina naamusaa fi farra malaammaltummaa hammachuu akka qabu akeekanii jiru<sup>66</sup>.

14. **Bilisummaa fi Itti Gaafartamummaa Abbaa Seerummaa:** hirmaattotni qorannichaa leenjin mata duree kana irratti kennamu bilisummaa dhuunfaa fi dhaabbataa, hanqina naamusaa abbootii seeraa hojii keessatti mul'atu, hanqinna dandeettii, raawwii gad hojjechuu (dhibaawwummaa irraa kan maddu) itti gaafatamummaa hordofamuu qabu hammachuu akka qabu akeekanii jiru<sup>67</sup>.

15. **Kenniinsaa Tajaajilaa Fi Qabiinsa Abbaa Dhimmaa:** hirmaattotni qorannichaa leenjiin mata duree kana irratti kennamu akkaataa beellamni itti kennamu, abbaan dhimmaa itti simatamu, wal duraa duubaan ittii keessumeeffamuun wal qabatee gochoonni al namusummaa kanneen akka abbaa dhimmaa arrabsuun, ifachuu, ulfina ofii eeguu fi kan maamila eeguu dhabuu, waan mul'atuuf abbaa dhimmaa akkamitti qabachuu fi keessumeessuu hammatamuu akka qabu akeekanii jiru<sup>68</sup>.

Walumaa galatti argannoon qorannichaa mata dureewwan leenjii Itti gafatamummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa, Naamusa ogummaa, Seera lafa baadiyyaa fi magaalaa, Seera dhaalaa, Seera Yakkaa, Sirna seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa, Sirna seera deemsa falmii yakkaa, Qajeelfama adabbii murteessuu fi Hooggansa dhangular'iinsa dhimmaa sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hojiirra tureen hammatamanii turan ammas sirna leenjii fooyya'u keessatti hammatamanii akka itti fufan; mata dureewwan kenniinsa tajaajilaa fi qabiinsa abbaa dhimma, seera taaksii, seera hojjetaa fi hojjechiisaa, seera malaammaltummaa fi gaggeessummaan akka haaratti sirna leenjii fooyya'u keessatti akka dabalamon; mata dureewwan sirna leenjii duraanii keessatti hammatamanii turan: heera mootummaa, imaaammata mootummaa, shaallaggii beenyaa murteessuu, BPR fi haqa fi hooggansi dhaddachaa ilaalcissee immoo fedhiin leenjii kan irratti hin ibsamne ta'uu, akkasumas mata dureewwan leenjii sirna leenjii dura turee fi mata dureewwan amma hammatamuu qaban keessatti dhimmoota irratti xiyyefatamuu qaban akeekee jira.

<sup>66</sup> obbo Fayyeeraa Hayiluu, dursaa garee dagaagina namusaa MMWO, obbo Dabalee Xilahuun , B/B/ itti gaafatamaa waajjira naamusaa fi inispeekishiinii MMWO, obbo Guddataa Qajeelaa, dursa garee poosti ooditii galmees murtii boodaa MMWO, obbo Asraat Abarraa, ofisara Naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>67</sup> Obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee, Obbo Tacaan Margaa daarketera daareekteriotti qorannoo fi atoomina MMWO, gaafa 02/03/2012 Finfinnee.

<sup>68</sup> obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee.

### 3.3. Yeroon Turtii Leenjichaa

Gaaffii qorannichaa yeroo turtii leenjii deebisuuf muuxannoowwan rogummaa qabamii fi fedhiin qaamolee haqaa ilaalamii jira. Bu'uruma kanaan, dheerinna turtii yeroo leenjii ilaachisee isataandardiin wal fakkaataa ta'e hin jire ta'u fi biyyootni haala qabaatamaa isaanii irratti hunda'udhaan turtii yeroo leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa yeroo kan kaa'an ta'u muxannoowwan sakatta'aman ni agarsiisu. Fakkeenyaaaf biyya Awustiraaliyaatti abbaan seeraa tookko waggaatti guyyaa 3-4 fedhiidhaan kan leenji'u ta'u; biyyaa Kaanaadaatti abbootiin seeraa haaraa ta'an waggaa 4 f waggaatti leenjii guyyoota 10 - 15 fedhiidhaan kan leenji'an ta'u; biyya Faransaayiitti Abbootiin Seeraa fi abbootiin Alangaa waggaatti yoo xiqaate guyyoota 5 f dirqama leenjii akka fudhatan; biyya Xaaliyaanitti abbaan seeraa fi abbaan alangaa yoo xiqqate waggaa 4 keessatti dirqama leenjii tokko fudhachuu akka qaban; biyya Ameerikaatti abbootiin seeraa fi hojjetoonni mana murtii sadarkaa federaalaatti fedhiidhaan, sadarkaa naannoleetti dirqama waggaa keessatti leenjii giddugaleessaan sa'aa 7- 15 tti fudhachuun dandeettii isaanii cimsachuutu irraa akka qaban muuxannoowwan ilaallaman ni agarsiisu<sup>69</sup>. Haala qabatamaa naannoo keenyaatiin turmaatin yeroo leenjii ji'a Shan yoo ta'u tokkoon tokkoo mata dureewwan leenjiitiif yeroon inni fudhatu guyyaa fi sa'atiidhaan sirna leenjiichaa keessatti ibsamee hojiirra olaa turee jira<sup>70</sup>.

Dabalataan, yeroo turtii sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraan wal qabatee gaaffii qorannoон kun qabatee ka'e deebisuuf hirmaattootni qorannichaa yaada akka kennan kan gaafataman yoo ta'u, isaanis akka itti aanutti yaada isaanii ibsanii jiru. Haaluma kanaan, turtiin yeroo leenjii leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hooggansaaf ji'a lamaaf gana keessa, ogeessotaaf ji'a sadiif<sup>71</sup>, ogeessotaaf ji'a shan, hooggansaa ji'a lamaaf addaan cicitee ji'a tokko tokkoon akka kennamu<sup>72</sup>, ji'a shan caaluu akka hin qabne<sup>73</sup>, ji'a jaha ta'u akka qabu<sup>74</sup>, ji'a shanii gad

---

<sup>69</sup> Journal of the international organization for judicial training, issue 5, 2016, p. 48

<sup>70</sup> kariikilamii leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii federaalaas, finfinnee.

<sup>71</sup> obbo Malkaamuu Namarraa Daareekteera Daareekterootii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, Obbo Dabalee Xilahuun, BB it/ga/w/naamusaa fi inspeekishiini MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>72</sup> Obbo Taaddasaa Nugusee Daarekteraa Daareekterootii Quranna Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

<sup>73</sup> obbo Isheetuu, obbo sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Quranno fi Qophii Wixinnee seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, Obbo Taaddasaa Nugusee Daarekteraa Daareekterootii Quranna Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, Obbo Fayyeeraa Hayiluu, dursaa garee dagaagina naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee, Obbo Asraat Abarraa, Ofisara Naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee,<sup>73</sup> obbo Hundarraa Fiqaaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>74</sup> aadde Fiqir Zalaalam Daareekteera Daareekterootii Kenna Haayyama Abukaatoo Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, gaafa 27/02/2012, Finfinnee.

ta'ee qabiyee leenjii irratti hundaa'ee murtaa'uu akka qabu<sup>75</sup>, ji'a lama akka ta'u<sup>76</sup>, ji'a 3 ta'uu akka qabu fi kana keessaa hooggansi ji'a lama akka leenjii'an<sup>77</sup> akka kennamu ibsuun sirni leenjii haala kanaan fooyya'uu akka qabu akeekanii jiru.

Haa ta'u malee, hirmaattootni qorannichaa yeroon turtii leenjii qabiyee leenjichaa, hanqina humna namaa manneen hojii fi heddumina hojii jiru, haala maatii, muuxannoo leenjifamtootaa irratti hunda'udhaan yeroon leenji murta'uu akka qabu akeekanii jiru.

### **3.4. Toofaan leenjiin ittiin kennamu**

Tooftaa leenjiin ittiin kennamuun wal qabatee gaffii qorannichaa deebisuuf hoog barruuwan rogummaa qabanii fi yaadin hoggantootaa fi ogeessota irraa bifa af gaaffiitiin walitti qabame akka itti aanutti xiinxalamee jira.

Haaluma kannaan, barreffamoonni toftaalee leenjii irratti barreffaman toftaaleen leenjii kaayyoolee fi galmoota sirna leenjii keessatti kaa'aman galmaan gahuuf baay'ee murteessaa ta'uu fi toftaaleen leenjii kaayyoolee fi galmoota sirna leenjii waliin haala wal simuun qophaa'uu akka qaban ni akeku<sup>78</sup>.

Bu'uuruma kannaan, leenjiin kennamu toftaalee akka ibsa daree hirmaachisaa ta'e, xinxaala dhimmaa, leenjii rakkoo qabatamaa irratti hundaa'ee kennamu, hojjetanii agarsiisuu, daawwanaa, ta'anii argamuu, tutooriyaalii, ofiif of leenjiisuu, muxannoo wal jijiiruu, yaalii laabiratoorii keessatti taasifamu, daawwanna dirree, wal leenjiisuu, miidiyaa adda addaatiin lenjii'uu fi kkf deeggaramuu akka qabu barreffamoonni ni ibsu<sup>79</sup>.

Gama biraatiin gaaffii qorannichaa mala leenjii waliin wal qabatu deebisuudhaaf sirni leenji hojiirra ture ilaallamee jira. Haaluma kannaan, malli kenniinsa sagantaa leenjichaa; leenjii daree, ibsa lenjisaa, gaaffii fi deebii, dhimmoota adda addaa xinxaaluu, leenjii plaazmaa (yeroowwan jalqabaatiif) guyyaa walkaadhaaf giddu galeessa irraa kennuu, keessummaa

---

<sup>75</sup> obbo Dassalany Dangalaa , Aadde Wudinash Tasfaayee, Abbaa Alangaa MHAAWO, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qorannaa Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee

<sup>76</sup> obbo Gammachuu, abbaa alangaa MHAAWO, gaafa 27/02/2012, Finfinnee, obbo Tacaan Margaa Daareekteera Daay/Qorannoo fi Atoominaa MMWO, 02/03/2011, Finfinnee; <sup>76</sup> obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee.

<sup>77</sup> Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa MMWO, 02/03/2011, Finfinne obbo Tashoomaa Girmaa Abbaa Alangaa Waliigala oromiyaa, \_\_\_\_\_ abbaa alangaa MHAAWO, gaafa 27/02/2012, Finfinnee. e,

<sup>78</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader.

<sup>79</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader. p.145.

afeerramanii fayyadamuun leenjii kennuu, hojjetanii agarsisuu (simulation) fayyadamuudhaan hojiirraa oolaa kan ture ta'uu hubatamee jira<sup>80</sup>.

Dabalataan, gaaffii qorannichaa deebisuudhaaf af gaaffiin hirmaattota qorannichaa waliin kan gaggeeffame yoo ta'u, malli leenjii kanneen akka 'panal discussion', 'case analysis' fayyadamuu, namoonni damaqinaan leenjii keessatti akka hirmaatan taasisuu, tokko Abbaa Seeraa, kaan ragaa ta'ee akka hojjetu taasuu, leenjiisaa Wiirtuu Federaalaa fi kan naanoolee biros affeeriun muuxannoo akka qoodan gochuu, namoota ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa irratti muuxannoo qaban, abbootii gadaa, dhaabbilee leenjii irratti muuxannoo qaban afferiun akka leenjisan taasisuu, leenjifamtoonni hoog barruuwwan adda addaa dubbisani akka dhufan hojii manaa kennuu, leenjifamtoonni baay'ee akka dubatan taasisuu, baay'ina leenjifamtootaa xiqqeessuun leenjisuu, Manneen murtii keessa akka moodelatti fkn Adaamaa fudhachuuun mana galmei irraa kaasee akkaataa namni itti falmu deemanii akka dhaggeefatanii fi ilaalan taasiisuu; muuxannoo fi hojimaata dhaddacha manneen Murtii Federaalaa dhaqanii akka ilaalan taasisuu leenjicha hawwataa gochuun akka barbaachisu ibsamee jira.<sup>81</sup> Kana malees, sa'atiin marii garee sa'atii boodaatiif laatame gabaabbatee mariin kutaa leenjii keessatti ta'uu akka qabu ibsamee jira<sup>82</sup>.

Bifa waliigalaatiin, argannoo qorannichaa irraa akka hubatamutti leenjiin kennamu mala hirmaachisaa, dhimmoota qabatamaan deeggaramee fi haala salphaa fi nufisiisaa hin taane yaada barbaaddame dabarsuu danda'uun laatanmuu akka qabu agarsiisee jira.

### 3.5. Sirna Madaallii Leenjii

Sirna madaallii leenjiin wal qabatee gaffii qorannichaa deebisuuf hoog barruuwwan rogummaa qabani fi yaadin hoggantootaa fi ogeessota irraa bifa af gaaffiitiin walitti qabame akka itti aanutti xiinxalamee jira.

Barreffamoonni sirna madaallii leenjii irratti barreffaman madaallii leenjiin dura, adeemsa leenjii keessattii, fi leenjii boodatti ykn leenjiin erga xumuramee booda kan raawwatamu akka ta'e ni ibsu.<sup>83</sup> Bu'uruma kanaan, madaalliin leenjii qormaata (filannoo, walitti firoomsuu,

<sup>80</sup> kaariikilamii leenjii yeroo dheeraa wirtuu federaalaa,

<sup>81</sup> Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qoranna Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee<sup>81</sup> obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee; obbo Fayyeeraa Hayiluu, dursaa garee dagaagina namusaa MMWO, obbo Dabalee Xilahuun , B/B/ itti gaafatamaa waajjira naamusaa fi inispeekishiinii MMWO, obbo Guddataa Qajeelaa, dursa garee poosti ooditii galmei murtii boodaa MMWO, obbo Asraat Abarraa, ofisara Naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee,<sup>81</sup> obbo Hundarrraa Fiqaaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>82</sup> obbo Hundarrraa Fiqaaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>83</sup> Wixinnee maanuwaalii daareekteerootii kenna leenjii fi tajaajila gorsa seeraa ILQSO, 2011, Adaamaa.

dhugaa fi soba), xiinxala dhimmaa, barreessii, pirojekitiwwan adda addaa hojjechiisiisuu, garee hojiitiin wal madaallichisuu fi of madaaluu, mata dureewwan adda bahe irratti barreffama gabaabaa qopheessanii dhiyeessuu, rakkoo qabatamaa kennuudhaan yaada furmaataa akka dhiyeessan taasisuu fi kkf hojiirra ooluu akka danda'amu ibsamee jira<sup>84</sup>.

Kana malees, gaaffii qorannoo kana deebisuuf sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii federaalaatiin qophaa'e kan ilaallame yoo ta'u, malli madaallii leenjii; gaaffii fi deebii afaanii, qormaata barreffamaa, gaaffiilee falmisisoo kennuudhaan gareedhan hojjetanii mariif akka dhiyeessan taasisuu, dhuunfaan yaada akka kennan gochuu kanneen jedhan sirna leenjichaa keessatti kan hammataman ta'uu ni agarsiisa.

Dabalataan, gaaffii sirna madaallii wajjiin wal qabatu deebisuuf af gaaffiin hirmaattota qorannichaa waliin taasifamee, hirmaattonni qorannichaas yaada itti aanu kennanii jiru. Madaalliin wal qabatee leenjifamtoonni itti gaafatatumummaan isaanitti dhagahamee leenjicha akka fudhatan gochuu, leenjii irratti sa'aatii kabajanii hirmaachuu, marii irratti hirmaachuu, hojii manaa isaaniif kennname sirriitti hojjechuu isaanii too'achun madaaluun waraqaa ragaa kennuu, kanneen ulaagaa kan hin guunne immoo waraqaa ragaa dhoorkachuu ykn kanneen harca'an yeroo leenjii itti dabaluun leenjii akka fudhatan taasisuu malee qormaata kennuun kufuu fi darbuun jiraachuun hin qabu. Jijiirramin ogeessonni leenjiidhaan argamsiisan hojii keessatti madaalama waan ta'eef mana leenjii keessa ta'anii leenjii'uun mataan isaa naamusaa waan ta'eef qormaataan madaaluun akka hin barbaachifne ibsanii jiru<sup>85</sup>.

Gama biraatiin, hirmaattonni qorannichaa qormaatin madaallii keessatti hammatamuu qaba kanneen jedhan ni jiru. Qormaatin jiraachuun leenjifamtoonni leenjiif iddo akka Kennan, akka dubbisan, waan leenji'an ittiin madaaluuf ni gargaara. Madaalliin naamusaa leenjifamaan amala balaafamaa qabu fi madaallii leenjicha irratti taasifameen kufe gal mee dhuunfaa isaatiin akka wal qabatu mana hojii isaaf ergamuu qaba<sup>86</sup>. Kana malees, ulaagaan madaallii naamusaa, ulaagaa naamusaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa jiddu galeessa kan godhate ta'uu akka qabu fi madaalliin barbaachisaa akka ta'e ibsanii jiru<sup>87</sup>.

---

<sup>84</sup> Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September- 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader. P.169 - 171.

<sup>85</sup> obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee.

<sup>86</sup> obbo Fayyeeraa Hayiluu, dursaa garee dagaagina namusaa MMWO, obbo Dabalee Xilahuun , B/B/ itti gaafatamaa waajjira naamusaa fi inispeekishiini MMWO, obbo Guddataa Qajeelaa, dursa garee poosti ooditii gal mee murtii boodaa MMWO, obbo Asraat Abarraa, ofisara Naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

<sup>87</sup> obbo Hundarrraa Fiqaaduu, qindeessaa garee yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

Walumatti argannoon qorannichaa leenjichi mala madaalli adeemsa leenjii keessatti haqinoota mul'atan madaalee duub-deebii kennuudhan sireessaa akka deemmamu dandeesiisuu fi dhuma mata duree leenjii irratti madaalliin kaayyoon leenjichaa galma gahuu isaa mirkaneeffachuuuf dandeessisuun deeggaramee kennamuu akka qabu agarsiisee jira.

### **3.6. Meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii**

Gaaffii qorannoo meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hojiirra oolu qabu adda baasudhaaf daataan hoog barruu rogummaa qabanii fi daataan af gaaffii irraa argame xinxaalamee jira.

Leenjii kennamu bu'a qabeessa taasisuuf haala salphaa ta'een yaada dabarsuun barbaddame dabarsuuf meeshaaleen leenjii fi deeggarsaa leenjii keessatti hojiirra ooluu qaban: viidiyoo, suuraa fi power point, filippi chaartii, gabaatee gurraacha/adii, moojuulii, maarkarii, kaardii halluu garagaraa, LCD, koompiyuutara, agarsiistuu, sagalee guddistuu kkf akka ta'an barreeffamoonni ni ibsu<sup>88</sup>.

Kana malees, gaaffii qorannichaa deebisuuf sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii federaalaatiin qophaa'e ilaallamee jira. Bu'uruma kanaan, meeshaaleen leenjii fi gargaarsaa kanneen akka moojuulii leenjii, seerota, labsiawan, sanadoota idil addunyaa, heera , danbii naamusaa, dokimantiiwan imaammatoota fi tarsiimoowwan mootummaa, dhimmoota murtii argatan (cases), gabatee adii, markarii gosa adda addaa, laap tooppii, LCD, sagalee guddistuu, filippi chaartii, 'over head projector', sirna leenjii sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti kan hammataman ta'uu hubatamee jira<sup>89</sup>.

Dabalataan, daataan af gaaffidhaan hirmaattota qorannichaa irraa argame leenjiin kennamu fakkeenya qabatamaadhaan deeggaramuu akka qabu, intarneetiin dhaqabamaa ta'uu akka qabu, maddi wabii barbaachisaa ta'e kan akka labsiilee fi kkf soofitti kooppii fi hardi kooppidhaan leenjifamaaf kennamuu akka qabu, manni kitaabaa kitaaboota rogummaa qabanii fi koompiyuutara gahaa ta'e qabu jiraachuu akka qabu, leenjichi viidiyoo ykn fiilimii fi footoo rogummaa qabuun deeggaruuun kennamuu akka qabu ibsanii jiru<sup>90</sup>.

Kanaaf, argannoon qorannichaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kennamu meeshaalee leenjii fi gargaatrsaa leenjicha hala salphaa fi hubatamuu danda'uun kennuuf nama dandeessisiin

<sup>88</sup> [www.dir.ca.gov/dosh/etools/09-002/training\\_aids.htm](http://www.dir.ca.gov/dosh/etools/09-002/training_aids.htm). accessed on 20/11/19. at 3:09 pm

<sup>89</sup> Kaariikilamii leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii fedreaalaatiin qophaa'e.Gurraandhala 2001. Finfinnee,

<sup>90</sup> Obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee, obbo Hundarraa Fiqaaduu, qindeessaa garee yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

deeggaramee akka kennamuu qabuu fi sirna fooyya'u keessatti hammatamuu qabu agarsiisee jira.

### **3.7. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu**

Gaaffii qorannoo sirna leenjii madaaluu fi fooyyeessuuf sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hojiirra oolu qabu adda baasudhaaf daataan hoog barruu rogummaa qabanii fi af gaffiin hirmaattota qorannichaa irraa argame xinxaalamee jira.

Sirni leenjii madaaluu fi fooyyeessuun wal qabatee kaayyoo sirna leenjii galama gahuu fi dhiisuu isaa, bu'aa fi hanqinna inni qabu adeemsa keessattiui fi erga hojiirra ollee booda madaaluun fooyyeessuun akka danda'amu hoog barruun sirna leenjii madaaluu irratti barrefffamoonni ni ibsu<sup>91</sup>.

Kana malees, sirni leenjii hojiin duraa wirtuu leenjii federaalaatiin qophaa'e sirni leenjii guyyaa qophaa'e irraa eegalee hojiirra oolmaa keessatti yeroo yeroon fi hojiirra oolmaa booda wagga 4 keessatti madaalamee fooyya'uu akka qabu akeekee jira<sup>92</sup>.

Dabalataan, hirmaattonni qorannichaa leenjiin hojiirraa yeroo dheeraa ogeeyyi hunda waan wal gahuuf, ogeeyyi haaraa qaxaraman immoo sagantaa leenjii hojiin duraatiin leenjicha fudhachuudhaan gara hojitti waan bobb'aniif, abbootiin seeraa leenjii malee muudamanii gara mana murtiitti makaman lakkofsi isaanii xiqqaa waan ta'eef sirna leenjichaa kana fooyyeessuun barbachisaa akka hin taane ibsanii jiru. Haa ta'u malee, haalli addaa yoo jiraate wagga 5 – 10 keessatti ilaallamee fooyya'uu ykn jijiirramuu akka danda'u ibsanii jiru<sup>93</sup>. Gama biraatiin sirni leenjii kun marsaa tokko erga ittiin leenjiin kennamee booda hanqinnii fi ciminni isaa madaallamee fooyya'uu akka qabu ibsamee jira<sup>94</sup>.

Akka waliigalaatti, argannoon qorannichaa kan agarsiisu sirni leenjii tokko adeemsa raawwii fi raawwii booda madaalamee fooyya'uu akka qabu kan agarsiisu yoo ta'u, yeroo hamammii keessatti fooyya'uu qaba dhimmi jedhuu murtaa'uu kan qabu haala qabatamaa lafa irra jiru giddu galeessa taasisuun ta'uu akka qabu akeekee jira.

---

<sup>91</sup> Dr. Robsan M, (2018), Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia justice sector professionals and legal research institute, Adama. p.130 – 142.

<sup>92</sup> sirna leenjii sagantaa leenjii hojiin duraa , Finfinnee , 2011, p. 17

<sup>93</sup> Obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa MMWO, gaafa 11/03/2012, finfinnee,

<sup>94</sup> Obbo Hundarraa Fiqaaduu, qindeessaa garee hojii yakka malaammaltummaa MHAAWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

## BOQONNAA AFUR

### ARGANNOOWWAN GURGUDDOO, GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

#### 4.1. ARGANNOOWWAN GURGUDDOO

Boqqonnaa kana jalatti argannoowwan gurguddoo gaaffilee ykn kaayyoolee qorannichaan wal qabatan mata duree mata dureedhan cuunfamanii akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

##### 4.1.1. Qabiyyeen leenjii sirna leenjii SLHYDh keessatti hammatamuu qaban

Gabatee 4.1. Argannoowwan mata dureewwan leenjii fedhiin leenjii irratti ibsaman.

T.L	Mata dutreeewan argannoodhaan adda bahan	Dhimmoota xiyyeffannoo itti kennamuu qaban	Ibsa
A	Mata dureewwan Fedhiin kan irratti hin kennamne		
1	Heera		
2	Imaammata mootumma		
3	Shallaggii beenyaa		
4	BPR fi Haqa		
5	Hooggansa dhaddachaa		
B	Mata dureewwan akka haaraatti fedhiin irratti kenname		
1	Kenniinsa tajaajilaa fi qabiinsa abbaa dhimmaa	Keessumeessaa fi qabiinsa abbaa dhimmaa	
2	Seera taaksii	Itti gaafatamummaa yakkaa abbaa qabeenyaa fi hojjettootaan raawwataamu, dhimma bulchiinsa taaksii, seerootaa fi qajeelfamoota haaraa	
3	Seera hojjetaa fi hojjechiisaa		
4	Seera Farra malaammaltummaa	Malaammaltummaa ijaarsa fi bittaa, money lounding, qabenya yakka malaammaltummaan argame deebisisuu	
5	Gaggeessummaa	Gaggeessummaa abbaa seerummaa (judicial leadership), dandeettii kominikeeshiini, leenjii A/s hojif kakaasu fi si'eessu	
C	Mata dureewwan duran turanii fi ammas fedhiin kan irratti kenname		
1	Itti gaafatamummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa	Bilisummaa dhuunfaa fi dhaabbataa, itti gaafatamummaa A/seerummaa: hanqinna dandeettii, naamusa, raawwii gad hojjechuu	
2	Naamusa ogummaa	Naamusa (Safuu, naamusa ogummaa, dhuunfaa, iddo hojii, hawaasummaa, gaggeessummaa), Hanqinnoota naamusaa, qoranna dhimma naamusaa	
3	Seera lafa baadiyyaa fi seera lafa magaalaa	Ragaa qulqulleessaa fi darbiinsa yeroo	
4	Seera dhaalaa	SHH kew.1000(2), darbiinsa yeroo, qajeeltoo waliigalaa seera dhaalaa	
5	Seera yakkaa	Qajeeltowwan SY, kew.543, garaagarummaa kwt. 665 fi 682, 539 fi 540 gidduu jiru, cybercrime, labsii 909/2007,	
6	Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa	ijoo qabchuu, ragaa dhagahuu fi falmsiisuu, gaaffii (duraa,qulqulleessaa, keessa deebii), barreessa murtii, Kwt.6,	
7	Seera deemsa falmii yakkaa	Qoranna yakkaa gaggeessuu fi hoogganuu, himanna hundeessuu, falmii gaggeessuu,	

		Gaaffii gaafachuu, kwt.134, ragaa xiinxaaluu fi madaaluu, murtii barreessuu, ol'iyyaannoo gaafachuu,	
8	Qajeelfama adabbii murteessuu	Adabbii daangessuu,	
9	Hooggansa dhangala'iinsa dhimmaa	Hojii galmee karoorsuu	
10	Seera maatii		

#### 4.1.2. Yeroon turtii leenjichaa

Turtii yeroo leenjii ilaalcissee argannoonaan qorannichaa haala qabatamaa biyyaa irratti kan hundaa'u ta'uu akka qabu ibsee jira. Kana malees, daataan hirmaattota qorannichaa irraa argame hammi turtii yeroo leenjii garaagarummaa kan qabu ta'uu mirkaneessee jira. Dabalataan, hirmaattootni qorannichaa yeroon turtii leenjii qabiyyee leenjichaa, hanqina humna namaa manneen hojii fi heddumina hojii jiru, haala maatii, muuxannoo leenjifamtootaa irratti hunda'udhaan yeroon leenji murta'uu akka qabu akeekanii jiru.

#### 4.1.3. Tooftaan Leenjiin Ittiin Kennamu

Tooftaa Leenjiin ittiin kennamu ilaalcissee argannoonaan qorannichaa leenjiin kennamu mala hirmaachisaa, dhimmoota qabatamaan deeggaramee fi haala salphaa fi nufisiisaa hin taane yaada barbaaddame dabarsuu danda'uun laatanmuu akka qabu agarsiisee jira.

#### 4.1.4. Sirni Madaallii Leenjii

Sirna Madaallii Leenjiin wal qabatee argannoonaan qorannichaa leenjichi mala madaalli adeemsa leenjii keessatti haqinoota mul'atan madaalee duub-deebii kenuudhan sireessaa akka deemmamu dandeesiisuu fi dhuma mata duree leenjii irratti madaallii kaayyoon leenjichaa galma gahuu isaa mirkaneeffachuuuf dandeessisuun deeggaramee kennamuu akka qabu agarsiisee jira.

#### 4.1.5. Meeshaalee Leenjii fi Gargaarsa Leenjii

Meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii ilaalcissee argannoonaan qorannichaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kennamu meeshaalee leenjii fi gargaarsaa leenjicha hala salphaa fi hubatamuu danda'uun kenuuf nama dandeessisanii deeggaramee akka kennamuu qabuu fi sirna fooyya'u keessatti hammatamuu qabu agarsiisee jira.

#### 4.1.6. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu

Sirna leenjii madaaluu fi fooyyeessuu ilaalcissee, argannoonaan qorannichaa kan agarsiisu sirni leenjii tokko adeemsa raawwii fi raawwii booda madaalamme fooyya'u akka qabu kan agarsiisu yoo ta'u, yeroo hamammii keessatti fooyya'u qaba dhimmi jedhuu murtaa'u kan qabu haala qabatamaa lafa irra jiru giddu galeessa taasisuun ta'u akka qabu agarsiisee jira.

#### **4.2. GUDUUNFAA**

Qorannoон kun mata duree sirna leenjii hojiirra yeroо dheeraa irratti kan gaggeeffamee dha. Qorannoон kun gaaffilee qorannoo qabiyyeen leenjii sirna leenjii hojiirraa yeroо dheeraa keessatti hammatamuу qabu maal ta'uu qaba?, yeroon turtii leenjii hojiirraa yeroо dheeraa hangam ta'uu qaba?, tooftaan leenjiin ittiin kennamu maal ta'uu qaba?, sirni madaallii leenjifamtootaa maal ta'uu qaba?, leenjii kennuu keessatti meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii akkamii hojiirra oolu qaba?, sirni leenjii hojii irraa yeroо dheeraa akkamitti fi yeroо hammamii keessatti fooyya'u qaba? kanneen jedhan deebisuuf kan kayyeffate yoo ta'u gaaffilee kanneen deebisuuf malla qorannoo akkamtaa fayyadameera. Hirmaattota qornachaa mala iddatoo kaayyefataa (purposive sampling technique) fayyadamuu erga adda bafamee booda daataan afgaaffiin funaannameera. Kana malees gaaffii qorannichaa deebisuuf barreeffamoonni sirna leenjii irratti barreeffamanii fi rogummaa qaban ilaalamaniи xinxaalamanii jiru.

Bu'uruma kanaan, mata dureewwan leenjii kan sirna leenjii hojiirraa yeroо dheeraa hojiirra tureen hammatamanii turan ammas sirna leenjii fooyya'u keessatti hammatamanii itti fufuu qaban, akka haaratti sirna leenjii fooyya'u keessatti dabalamuu qaban, fi sirna leenjii duraanii keessatti hammatamanii turan amma immoo fedhiin leenjii irratti hin ibsamne akkasumas mata dureewwan leenjii sirna leenjii dura turee fi mata dureewwan amma hammatamuу qaban keessatti dhimmoota irratti xiyyefatamuу qaban adda bahanii jiru.

Kana malees, turtiin yeroо leenjii haala qabatamaa biyyaa irratti hundaa'u akka qabu, hammi turtii yeroо leenjii hagam ta'uu akka qabu, yeroon turtii leenjii qabiyyee leenjichaa, hanqina humna namaa manneen hojii fi heddumina hojii jiru, haala maatii, fi muuxannoo leenjifamtootaa irratti hunda'udhaan murtaa'u akka qabu adda bahee jira.

Tooftaa Leenjiin ittiin kennamu ilaachisee, leenjiin kennamu mala hirmaachisaa, dhimmoota qabatamaan deeggaramee fi haala salphaa fi nufisiisaa hin taane yaada barbaaddame dabarsuu danda'uun laatanmuу akka qabu agarsiifameera.

Sirna Madaallii Leenjiin wal qabatee, leenjichi mala madaalli adeemsа leenjii keessatti hanqinoota mul'atan madaalee duub-deebii kennudhan sreessaa akka deemmamu dandeesiisuu fi dhuma mata duree leenjii irratti madaalliin kaayyoон leenjichaa galma gahuu isaa mirkanoeffachuuf dandeessisuun deeggaramee kennamuу akka qabu adda bahee jira.

Meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii ilaachisee, leenjiin hojiirraa yeroо dheeraa kennamu meeshaalee leenjii fi gargaarsaa leenjicha hala salphaa fi hubatamuу danda'uun kennuuf

Nama dandeessisaniin deeggaramee akka kennamuu qabuu fi sirna fooyya'u keessatti hammatamuu qabu agarsiisee jira.

Dhuma irratti, sirna leenjii madaaluu fi fooyyeessuu ilaachisee, sirni leenjii tokko adeemsa raawwii fi raawwii booda madaalamee fooyya'uu akka qabu kan agarsiisu yoo ta'u, yeroo hamammii keessatti fooyya'uu qaba dhimmi jedhoo murtaa'uu kan qabu haala qabatamaa lafa irra jiru giddu galeessa taasisuun ta'u akka qabu agarsiifamee jira.

Akka walii galaatti qorannoон kun mata dureewwan leenjii, turmaata yeroo leenjii, tooftaa kenna leenjii, meshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii, madaallii leenjii, fi sirna leenjii madaaluu fi foyyeessuu ilalchisee hanqinnoota jiran adda basee agarsiisuudhaan, fi dhimmoonni fooyya'uu qaban sirna leenjii fooyya'u keessatti hammatamanii hojiirra ooluu akka qaban akeekee jira.

#### **4.3. YAADA FURMAATAA**

##### **4.3.1. Qabiyyeen leenjii sirna leenjii SLHYDh keessatti hammatamuu qaban**

Mata dureewwan leenjii sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hammatamuu qaban argannoo qorannichaan adda bahanii jiru. Mata dureewwan leenjii irratti kennamuu qaban murteessuuf fedhiin mana hojii abbaa alnagaa waliigalaa fi mana murtii waliigala oromiyaa, (heddumina dhimmoota kanneen akka falmii lafaa, falmii maatii; Aangoo fi hojii haaraa seeran dabalaman kanneen akka dhimma taaksii, dhimma malaammaltummaa qorachuu fi ilaaluu; Rakkoolee qabatamaan qaamolee haqaa keessatti calqisan kanneen akka hanqinna namusaa, gaggeessummaa fi kenniinsa tajaajilaa) akka uulagaa filannootti tajaajilanii jiru. Bu'uruma kanaan, mata dureewwan leenjii gabatee armaan gadii keessatti ibsaman filatamanii jiru waan ta'eef sirna leenjii keessatti hammatamuu qabu.

Mata dureewwan sirna leenjii keessatti akka hammataniif filataman akkuma jiranitti ta'ee, dhimmoonni mata dureewwan kanneen keessatti irratti xiyyefatamuu qaban sirna leenjii keessatti hammatamuu qabu. Dabalataan, tokko tokkon mata dureewwaniif sirnichi yeroo qophaa'u amala mata dureewwan kanneenii irratti hundaa'udhaan dhimmoota caqafaman kana irratti dhimmoonni murteessoo fi qabiyyeewan xixiqqaan mata duricha wajjiin rogummaa qaban hammatamuu qabu.

Gabatee 4.2. Mata dureewwan leenjii sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti hammatamuu qaban.

T.L	Mata dutreeawan argannoodhaan adda bahan	Dhimmoota xiyyeffannoo itti kennamuu qaban	Ibsa
Mata dureewwan akka haaraatti fedhiin irratti kenname			
1	Kenniinsa tajaajilaa fi qabiinsa abbaa dhimmaa	Keessumeessaa fi qabiinsa abbaa dhimmaa	
2	Seera taaksii	Itti gaafatamummaa yakkaa abbaa qabeenyaa fi hoijettootaan raawwatamu, dhimma bulchiinsa taaksii, seerootaa fi qajeelfamoota haaraa	
3	Seera Farra malaammaltummaa	Malaammaltummaa ijaarsa fi bittaa, money lounching, qabenya yakka malaammaltummaan argame deebisisuu	
4	Gaggeessummaa	Gaggeessummaa abbaa seerummaa (judicial leadership), dandeettii kominikeeshiini, leenjii A/s hojif kakaasu fi si'eessu	
5	Naamusa ogummaa	Naamusaa (Safuu, naamusa ogummaa, dhuunfaa, iddo hojii, hawaasummaa, gaggeessummaa), Hanqinnoota naamusaa, qorannaah dhimma naamusaa	
6	Seera lafa baadiyyaa fi seera lafa magaalaa	Ragaa qulqulleessaa fi darbiinsa yeroo	
7	Seera dhaalaa	SHH kew.1000(2), darbiinsa yeroo, qajeeltoo waliigalaa seera dhaalaa	
8	Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa	ijoo qabchuu, ragaa dhagahuu fi falmsiisuu, gaaffii (duraa,qulqulleessaa, keessa deebii), barreessa murtii, Kwt.6,	
9	Seera deemsa falmii yakkaa	Qorannaah yakkaa gaggeessuu fi hoogganuu, himannaah hundeessuu, falmii gaggeessuu, Gaaffii gaafachuu, kwt.134, ragaa xiinxaaluu fi madaaluu, murtii barreessuu, ol'iyyaannoo gaafachuu,	
10	Qajeelfama adabbii murteessuu	Adabbii daangessuu,	
11	Seera maatii	Diiggaa ga'eelaa fi qqoodiinsa qabeenyaa, dantaalee daa'immanii.	

#### 4.3.2. Yeroon Turtii Leenjichaa

Turtiin yeroo leenjii sagantaa leenjii irraa yeroo dheeraa mata dureewwan leenjii, 4.3.1. jalatti ibsaman, qabiyyee leenjichaa, hanqina humna namaa manneen hojii fi heddumina hojii jiru, haala maatii, muuxannoo leenjifamtootaa, qabeenyaa inistiitiyuutichaah(human namaa, baajata, loojistikii, iddo bultii) giddu galeessa godhachuudhaan ji'a sadii (3) ta'ee gumii inistiitiyuutichaatiin murtaa'uu qaba.

#### 4.3.3. Tooftaan Leenjiin Ittiin Kennamu

Tooftaaleen leenjii hojiirraa yeroo dheeraa ittiin kennamu mala leenjii ga'eessotaa keessayyuu mala hirmaachisaa, dhimmoota qabatamaan deeggaramee fi haala salphaa fi hawataa ta'een,

yaada barbaaddame dabarsuu danda'uun laatanmuu akka kennamu sirna leenjii keessatti agarsiifamuu qaba. Kana malees, malli kun kenna leenjii keessatti leenjistootaan hojiirra ooluu qaba. Daareekterri leenjiis sirnichi hojiirra ooluu isaa sirna hordoffii fi deeggarsaa diriirsuun mirkaneessuu qaba.

#### **4.3.4. Sirni Madaallii Leenjii**

Madaallii adeemsa keessatti (formative evaluation) taasifamuu ilaalcissee, amala mata duree leenjii irratti hundaa'uudhaan adeemsa leenjii keessatti sirna duub deebii, hordoffii fi deeggarsaa, wal leenjisuu wal madaalaa deemu, moojulii fi barreeffamoota rogummaa qaban dubbisuu, barreeffama gabaabaa mata duree kennname barreessuu, dhimmoota xinxaaluu, gaaffi marii, himanna, iyyanna, deebii, murtii fi ol'iyanna barreessuu fi kkf qabiyyee sirna leenjichaa keessatti hammatamuu qaba. Dabalataan, leenjisaan sirna madaallii kanneen, akka akka isaatti adeemsa leenjii keessatti hojiirra oolchuu qaba. Kana malees, Daarkteeroottiiin leenjii sirni kun hojiirra ooluu isaa sirna hordoffii fi deeggarsaa diriirsuun mirkaneeffachuu qaba.

Madaallii leenjiin boodaa (summative evaluation) taasifamu ilaalcissee, mata dureewwan leenjiin irratti kennamu hunda irratti qormaatni qabiyyeen leenjichaa hubatamii mirkaneessu sirna leenjii keessatti hammatamuu qaba. Leenjisaan qormaata rogummaa qabu qopheesee qoruudhaan sirna madaallii kana hojiirra oolchuu qaba. Daarkteeroottiiin leenjii sirni kun hojiirra ooluu isaa sirna hordoffii fi deeggarsaa diriirsuun mirkaneeffachuu qaba.

#### **4.3.5. Meeshaalee Leenjii fi Gargaarsa Leenjii**

Sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa qophaa'u keessatti meeshaaleen leenjii fi gargaarsa leenji kenuuf rogummaa qabani fi haala salphaa fi hubatamuu danda'uun leenjii kenuuf gargaaran sirna fooyya'u keessatti hammatamuu qabu. Dabalataan, leenjisaan meeshaalee kanneen, qopheessuu, walitti qabuu fi akka akka isaatti adeemsa leenjii keessatti itti fayyadamuu qaba. Kana malees, Daarkteeroottiiin leenjii meshaaleen kanneen akka dhiyaatan, qophaa'an fi sirnaan hojiirra oolan hordoffii fi deeggarsaa taasisuu qaba.

#### **4.3.6. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu**

Inistiitiyuutichi Sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa akka barbaachisummaa isaatti haala qabatamaa jiru irratti hunda'udhaan sakatta'iinsa gaggeessudhaan madaalee fooyyessuu qaba.

## **Wabbiwwan**

### **I. Seeroota**

- Danbii Inistiitiyuutii Ogeessoota qaamolee haqaa fi qo'annoo seeraa Oromiyaa hundeessuuf bahe lakk. 77/99

- Qajeelfamoota inistiitiyuuticha adda addaa

### **II. Barreeffamoota adda addaa**

- Sakatta'a bu'aa sagantaalee leenjii fi qorannoo inistiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo'annoo seeraa oromiyaa (2005 – 2009) ; 2010; Adaama

- Robsan Margo (2018), Curriculum Design and Development: a module prepared for the training organized and offered for Oromia Justice Sector Professionals and Legal Research Institute. Adama.

- Sirna Leenjii leenjii hojiin duraa Inistiitiyuutii Qorannoo fi Leenjii Seeraa Federaalaa, 2011, Finfinnee.

- Sirna Leenjii leenjii hojiin irraa yeroo dheeraa Inistiitiyuutii Qorannoo fi Leenjii Seeraa Federaalaa, 2000, Finfinnee

- Cheryl Thomas(2006), Review of Judicial Training and Education in Other Jurisdictions, Report prepared for the Judicial Studies Board,

- Richards (2016) , Current models of judicial Training: an updated review of initial and continuous training models across Western democratic Jurisditions, issues 5

- Moojuuliiwwan leenjii hojiirraa yeroo dheeraa fi gabaabaa bara 2000 hanga 2011 tti jiran,

- Sirna leenjii leenjii hojiirraa, ILQSO, Adoolesa 2000, Adaamaa.

- Dariibssa Abata, The Design, Delivery, and evaluation of training , Ethiopian Civil Service University, Trainiing and consultaney Center, 2017,

- C. Thomas, Review of Judicial education and training in other jurisdiction, 2006

- Michael N. & Cilia B.(2019) : A training on teacher and training methodology, train the trainer program 9<sup>th</sup> of September~ 4<sup>th</sup> of October 2019, OJSPTLRI, Adama Ethiopia. Reader.

- Training management in organization, Ethiopian Management Inistitute, 2017, Addis Ababa,

- D. Kirk patirck's, evaluating training programs, 1975.

- Journal of the international organization for judicial training, issue 5, 2016,

### **III. Gabaasa Raawwii**

- Gabaasa raawwii inistiitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qoarannoo seeraa oromiyaa bara2000 - 2008 fi 2010.
- Karoora KGT lamaffaa inistiitiyutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo'annoo seeraa oromiyaa

### **IV. Toora Interneetii**

- [http:// Cdns3 training industry.com/media/2068131/principle of adult – learning-full-.pdf](http://Cdns3 training industry.com/media/2068131/principle of adult – learning-full-.pdf). Accessed on 02/07/2018.
- [www.ocwtp.net//pdfs/trainer %20 resources/ what is curriculum.pdf](http://www.ocwtp.net//pdfs/trainer %20 resources/ what is curriculum.pdf). Accessed on 1/16/19.
- [Www. Bookwidgets.com/interactive learning /the difference between formative and summative assessment](http://Www. Bookwidgets.com/interactive learning /the difference between formative and summative assessment), accessed on 19/11/19. at 05:41
- [www.dir.ca.gov/dosh/etools/09-002/training aids .htm](http://www.dir.ca.gov/dosh/etools/09-002/training aids .htm). accessed on 20/11/19. at 3:09 pm

### **V. Af gaaffii**

- Obbo Doobee Dhaabaa, Qindeessaa Dhaddacha Ijibbaata/ Qoranna Boodaa , 02/03/2011,Finfinnee
- Obboo Fayyisaa Tolasaa,Daarikteraa Daay/Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa Mmwo, 02/03/2011, Finfinnee
- Obbo Malkaamuu Namarraa, Daareekteera Daareekteerootii Bulchiinsa Qabeenya Humna Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Gaafa 27/02/2012, Finfinnee
- Obbo Sulxaan Abdoo Daareekteera Daareekterootii Qorannoo Fi Qophii Wixinnee Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Gaafa 27/02/2012, Finfinnee.
- Obbo Tashoomaa Girmaa, Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Gaafa 27/02/2012, Finfinnee,
- Obbo Taaddasaa Nugusee Daarekteraa Daareekterootii Qoranna Yakka Malaammaltummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Gaafa 27/02/2012 , Finfinnee.
- Aadde Fiqir Zalaalam Daareekteera Daareekteerootii Kenna Haayyama Abukaatoo Seeraa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Gaafa 27/02/2012, Finfinnee.
- Obbo Hundarrraa Fiqaaduu, Qindeessaa Garee Hojii Yakka Malaammaltummaa Mhaawo, Gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

- Obbo Tacaan Margaa Daareekteera Daay/Qorannoo Fi Atoominaa Mmwo, 02/03/2011, Finfinnee;
- Obbo Isheetuu Daareekteera Daareekterootii Dhimma Hariiroo Hawaasa ,
- Obbo Dassaalany Dangalaa, Abbaa Alangaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa,
- Obbo Gammachuu, Abbaa Alangaa Mhaawo,
- Aadde Wudinash Tasfaayee, Abbaa Alangaa Mhaawo, Gaafa 27/02/2012, Finfinnee,
- Obbo Seefuu Waarii Abbaa Seeraa Mmwo, Gaafa 11/03/2012, Finfinnee.
- Obbo Fayyeeraa Hayiluu, Dursaa Garee Dagaagina Namusaa Mmwo, Gaafa 11/03/2012, Finfinnee.
- Obbo Dabalee Xilahuun , B/B/ Itti Gaafatamaa Waajjira Naamusaa Fi Inispeakishiinii Mmwo, Gaafa 11/03/2012, Finfinnee.
- Obbo Guddataa Qajeelaa, Dursa Garee Poosti Ooditii Galmee Murtii Boodaa Mmwo, Gaafa 11/03/2012, Finfinnee.
- Obbo Asraat Abarraa, ofisara Naamusaa MMWO, gaafa 11/03/2012, Finfinnee.

## **Miiltoolee Miiltoo Tokko**

**Af-gaaffii Qaamolee Haqaa Oromiyaa sadarkaa adda addaa irra jiraniif qophaa'e.**

Institiyyutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Sagantaa Leenjii Hojii Irraa Yeroo Dheeraatiin bara 2002 irraa eegalee hanga bara 2008titti leenjii marsaa 12 f kennaan turuun isaa ni yaadatama. Bu'uuruma kanaan, inistiitiyutichi sagantaa leenjii kana kennaan kan ture kaarikilamii wirtuu leenjii inistiitiyuutii federaalatiin deeggaramuudhaan ture.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa kanatti ogeessonni qaamolee haqaa baay'een isaanii saganta leenjii kana kan fudhatan ta'ullee, ogeessonni muraasin isaanii waan hafaniif, akkasumas, fuul duraaf sagantaan leenjii kun sirna ittiin gaggeeffamu diriirsudhaan hojiirra olchuun barbaachisaa ta'ee waan argamee fi kan itti amanamu waan ta'eef sirna leenjii sagantaan leenjii kun ittiin gaggeeffamu diriirsudhan dhojiirra oolchun akka danda'amuuf odeeffannoos isini nuuf kennitan murteesadha. Kanaafuu, gaaffiwwan itti aananiif deebii keessan nuuf kennaan.

### **Gaaffilee af gaaffiidhaan dhiyaatan**

1. Qabiyyeen leenjii sirna leenjii kana keessatti hammatamuu maal maal ta'u qaba jettu?
2. Yeroon turtii leenjichaa hangam ta'u qaba? Maaliif?
3. Tooftaan leenjiin ittiin kennamu maal ta'u qaba?
4. Sirni madaallii leenjifamtootaa maal ta'u qaba?
5. Leenjii kana kennuu keessatti meeshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii akkamii fayyadamuu qabna?
6. Sirni leenjii Kun akkamitti fi yeroo hammamii keessatti fooyya'u qaba?

Galatoomaa!!

## Miiltoo Lama

### SIRNA LEENJII SAGANTAA LEENJII HOJIIRRAA YEROO DHEERAA

#### 1. Seensa Waliigalaa

Mirgoonni namoomaa fi dimokiraasi saboota sablamootaa fi ummattoota biyyattii Heera Rippaablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa tiin wabii argatanii jiru. Mirgoota heeraan haguuggii argatan kanneen qabatamaatti hiikuuf sadarkaa biyyooleessa fi naannoleetti tarkaanfin adda addaa fudhatamanii jiru; fudhatamaas jiru. kanneen keessaa inni ijoon sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa qopheessuu fi hojirra oolchuu yoo ta'u bu'uura sagantaa kanaatiin Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa danbii lakk. 77/99 tiin hundaa'eera. Bu'uuruma kanaan, inistiitiyuutichi kaayyoo Ogeessota seeraa kabajama sirna heera mootummaatiif kutannoodhaan dhaabbatan baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun akka horatu taasisuu; Sirni haqaa naannichaa ogeessota dandeetti ol'aanaa fi naamusa gaarii akkasumas amantaa ummataa fi quuqama qabaniin akka ijaaramu gochuuf; Kenniinsa tajaajila haqaa qajeeltoowwan ol'aantummaa seeraa, iftoomaa fi ittigaafatatummaa irratti hundaaye qindoominaa fi bifa tokkummaa qabuun mirkaneessuu; Naannicha keessatti sirna haqaa bu'aa qabeessa ta'e, si'oominaa fi haqummaa qabu mirkaneessuu akka qabu danbicha keewwata 6 jalatti tumamee jira. Kana malees, inistiitiyuutichi aangoo fi gahee hojii dandeettii ogummaa abbootii seeraa fi abbootii alangaa leenjii yeroo dheeraatiin cimsuu, gahumsa isaanii mirkaneessuu akka qabu tumamee jira<sup>95</sup>.

Kaayyoo danbiidhaan kennameef kana galmaan gahuuf sirni leenjii bocamee hojiirra ooluun baay'ee murteessaadha. Bu'uuruma kanaan, inistiitiyuutichi sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa wirtuu leenjii qaamolee haqaa federaalaatiin qopha'e bara 2000 A.L.I madaqisuun bara 2002 hanga bara 2010tti Abbootiin Seeraa fi abbootiin Alangaa baay'inni isaanii 2352 ta'an mata dureewan leenjii adda addaa irratti leenjii kennuudhaan fi gahumsa isaanii mirkaneessuun hojii isaaniitti akka deebi'an taasisee jira<sup>96</sup>.

Haa ta'u malee, sirni leenjii asiin dura hojiirra ture kan yeroo dheeraa turee fi haala qabatamaa qaamolee haqaa keessa yeroo ammaa jiru fi fedhii addaa naannoo keenyaa wajjiin kan hin demine ta'uu, seeronni hedduun isaanii yeroo wajjiin jijiirramaa sababa dhufaniif qabiyyee sirna leenjiichaa keessatti kan hin hammatamne ta'uu, abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa sirna kanaan leenjii hin arganne fi kanneen komishiinii naamusaa fi farra malaammaltummaa, abbaa taayitaa galiiwwan Oromiyaa irraa gara mana hojii abbaa alangaa

<sup>95</sup> Danbii instiitiyuuti lakk. 77/1999 kew. 7.

<sup>96</sup> Gabaasa raawwii Daareekteeroottii Kenna leenjii fi tajaajila gorsaa seeraa, Muddee, 2008, Adaamaa.

tti dabalaman jiraachuu fi fedhiin qaamolee haqaa bira jiru jijjiirama sirnaa wajjiin deemu kan barbaadu ta'uu isaa bu'uura godhachudhaan qorannoongaggeeffamee jira. Haaluma kanaan, qorannoongun mata dureewwan leenjii, turmaata yeroo leenjii, tooftaa kenna leenjii, meshaalee leenjii fi gargaarsa leenjii, madaallii leenjii, fi sirna leenjii madaaluu fi foyyeessuu ilalchisee hanqinnoota jiran adda basee agarsiisuudhaan, fi dhimmoonni fooyya'uu qaban sirna leenjii fooyya'u keessatti hammatamanii hojiirra ooluu akka qaban waan akeekeef sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa kun qophaa'ee jira.

### **1.1. Mul'ata, Ergamaa fi Kaayyoo Inistiitiyitiichaa**

#### **Mul'ata**

Bara 2022 tti hojii leenjii, qorannoongun fi gorsa seeraatiin giddugala gahumsa ogummaa seeraa ta'uudhaan akka biyyatti filatamaa, akka Bahaa Afriikaatti dorgomaa fi sadarkaa ardi Afriikaatti beekamaa ta'uudha.

#### **Ergama**

Leenjii hojiin duraa fi hojiirraa mala leenjii hammayawwaa fayyadamuuun kennuun qaamolee haqaa ogeessota gahuumsa fi naamusa ogummaa olaanaa qabaniin guutuu, qorannoongun fi qo'annoo rakkoo hiikuu danda'u, mala qorannoongun seeraa fi kanneen biroo fayyadamuuun gaggeessuu, tajaajila gorsaa seeraa fedhi irratti hunda'ee kennuun ifti fufiinsaan fooyya'iinsa sirna haqaa fi seeraa naannichaatiif gumaacha taasisuudha.

#### **Kaayyoo**

Kaayyoon bu'uuraa Inistiitiyuutichaa:

1. Ogeessota seeraa kabajama sirna heera mootummaatiif kutannoodhaan dhaabbatan baay'innaa fi qulqullina barbaadamuun akka horatu taasisuu;
2. Sirni haqaa naannicha ogeessota dandeetti ol'aanaa fi naamusa gaarii akkasumas amantaa ummataa fi quuqama qabaniin akka ijaaramu gochuuf;
3. Kenniinsa tajaajila haqaa qajeeltoowwan ol'aantummaa seeraa, iftoomaa fi ittigaafatamummaa irratti hundaaye qindoominaa fi bifaa tokkummaa qabuun mirkaneessuu;
4. Naannicha keessatti sirna haqaa bu'aa qabeessa ta'e, si'oominaa fi haqummaa qabuun mirkaneessuu.

## **1.2. Sirna Leenjii Inistiitiyuutichaa**

### **1.2.1. Barbaachisummaa Sirna Leenjii Hojiirraa yeroo Dheeraa**

Sirni leenjii jijiirama roga hundaan taasifamu irratti hundaa'udhan madaalamee fooyya'aa deemuu qaba. Sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hojiirra ture: turtiin isaa yeroo dheeraa waan ta'eef, mata dureewwan leenjii haala qabatamaa mana murtii fi mana hojii abbaa alangaa keessa jiru wajjiin waan hin demineef, hojiirra oolmaan tooftaa leenjii fi sirni madaallii hanqinna kan qabu ta'uu isaanii qorannoon waan adda bahaniif sirna leenjii haala qabatamaa fi jijiirama amma qaamolee haqaa keessa jiru waliin deemuu fi rakkoo leenjidhaan hiikuu danda'u qopheessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef sirni leenjii kun qophaa'ee jira.

### **1.2.2. Kaayyoo Leenjii**

Kaayyoo inistiitiyuutichaa keessaa tokko Ogeessota seeraa kabajama sirna heera mootummaatiif kutannoodhaan dhaabbatan baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun akka horatu taasisuu; Sirni haqaa naannichaa ogeessota dandeetti ol'aanaa fi naamusa gaarii akkasumas amantaa ummataa fi quuqama qabaniin akka ijaaramu gochuudha. Bu'uruma kanaan, kaayyoon leenjii beekumsa, dandeetii fi miira tajaajiltummaa (Cognitive, Psychomotor and Affective Domains) giddu galeessa godhachuudhaan qophaa'ee jira.

### **1.2.3. Gahee Qaamolee Adda Addaa**

#### **A. Gahee Hooggansa Mana Hojii**

Hooggansi inistiitiyuutichaa sadarkaa sadarkaan jiran galma gahiinsa sirna leenji kanaatiif deeggarsaa fi tumsa barbaachisaa ta'e hunda ni taasisa. Keessattuu, sirni leenjii akka fooyya'u kallattii kaa'uu fi fooyya'ee yoo dhiyaate mirkaneessuu, baajata leenjii, humna namaa, loojistikii adda addaa, dhiyeessa teekinolojii leenjicha deeggaran, hojimaataa fi sirna leenjicha deeggaru dirilsruun hojiirra oolchuu, sirna faayidaa, onnachiistuu fi jajjabeessituu adda addaa dirilsruun hojiirra oolchuudhaan sirnicha deeggaruudha.

#### **B. Manneen Murtii fi Manneen Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa**

Manneen Murtii fi Manneen Hojii Abbaa Alanagaa Waliigalaa sadarkaa sadarkaan jiran Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa, akkasumas abukaatoo ittisaa fi ofisaroota seeraa Sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hin fudhanne adda baasuun erguu, leenjii erga fudhatanii booda hojiirra akka oolchan deeggaruufi haala mijata uumuu, hojii keessatti gahumsa raawwii hojii fi naamusa isaanii madaluu, hanqina beekumsa, dandeetii fi naamusa adda baasuu, duub deebii kennuu fi itti gaafatummaa mirkeessuu keessatti shoora ol'aanaa qabu.

Kana malees, mana hojii keenya waliin atoomuun leenjii kennuu keessattuu abbootii seeraa fi abbootii alangaa gahumsaa fi muuxannoo qaban leenjii akka kennan ramaduu keessatti gahee qabu.

### C. Gahee Daareektooreetii leenjii

Bu'uura sirna leenjii kanatti daareektooreetiin kenna leenjii gaheewwan itti aanaan ni qabata. Isaanis: Sirna leenjii fooyyeessuu fi gahumsa leenjistootaa mirkaneessuu, hojii leenjii karoorsuu, gaggeessuu, qindeessuu, hordofuu, deeggaruu fi madaaluu ni hojjeta. Keessaayyuu, bu'aan kaayyoon leenjii irra eeggamu qabiyyee leenjichaa fi fedhii leenjifamaa giddu galeessa kan taasifate ta'uu isaa, tooftaaleen kenna leenjii kaayyoo leenjichi barbaaddameef milkeesuu kan danda'u ta'uu isaa, madaalliin leenjii kaayyoo fi qabiyyee leenjii waliin wal simuu isaa, meeshaaleen leenjii fi deeggarsaa sirnaan guuttamanii dhiyaachuu isaanii mirkaneessuu ta'a. Akka waliigalaatti daareekterootiin leenjii karoorri leenjii leenjisaaqopheessu dhimmoota kanneen fi kkf kan of keessatti hamate ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.

### D. Gahee Leenjisaa

Kenninsa leenjii keessatti leenjisaa tokko dandeettii fi naamusa qabaachuu qabu keessaa mata dureewwan leenjii irratti kennu irratti dandeettii gahaa qabaachuu, dandeettii isaa haala qabataa jiruu keessa jiru wajjiin firoomsee leenjifamaaf dabarsuu kan danda'u, ykn hojjete agarsisuun kan danda'iu, miira tajaajiltummaa ol'aanaa kan qabu, naamusa gaarii klan qabu, leenjii leenjisummaa kan fudhateta'uu qaba. Waan kana ta'eef, leenjistoonni leenjiin dura, leenjiin yeroo kennamuu fi leenjiin booda gahee fi itti gafatamuumaan armaan gaditti ibsaman ni qabaatu.

#### Leenjiin Dura

Leenjii kennuun dura leenjiistoonni qophii itti aanan taasiisuu qabu;

- karoora leenjii keessaayyuu, bu'aan kaayyoon leenjii irra eeggamu qabiyyee leenjichaa fi fedhii leenjifamaa giddu galeessa godhate, tooftaaleen kenna leenjii kaayyoo leenjichaa waliin wal siman, madaallii leenjii kaayyoo fi qabiyyee leenjii waliin wal simuu dhimmoota kanneen fi kkf kan of keessatti hamate qopheessuu,
- mata dureewwan leenjii akka irratti kennuuf adda bahee kennameef irratti qophii barbaachisaa ta'e taasisuu,
- maalummaa sirna leenjichaa fi leenjifamtootaa sirriitti hubachuu,
- meeshaalee deeggarsaa fi leenjii leenjichaaf barbaachisu dursee inistiitiyuutichaaf beeksisuun akka guuttamuuf taasisuu,

## **Yeroo Leenjiin Kennamu**

Sadarkaa kanatti leenjistoonni leenjii keessatti shoora ol'aanaa qabu waan ta'eef hojiwwan ijoo armaan gaditti ibsaman hojjechuu qabu.

- mata duree leenjiin irratti kennamu irratti guyyaa guyyaan qophii gahaa ta'e taasisuun daree leenjii sseenuu,
- tooftaalee fi meeshalee deegarsa leenjii qabiyyeewan fi kaayyolee leenjii waliin wal siman fayyadamuu leenjii kennuu,
- adeemsa leenjii keessatti mala madaallii leenjii kaayyoo fi qabiyyee leenjii waliin wal simu fayyadamuu,
- leenjifamtoon wal wajjiin akka mar'ataniif haala mijeessuu fi too'achuu,
- leenjii gocha irratti/haala qabatamaa irratti hundaa'e kennuu,
- Fakkeenyawan haala qabataamaa hojii wajjiin deeman fayyadamuu
- naamusa ogummaa eeguun leenjisuu
- leenjiin kennamu rakkoo hiikuu kan dandeessiisu akka ta'u gochuu,
- Akkaataa yaad rimeen hojii qabatamaatti itti hiikamuu danda'u agarsiisuu qaba.

## **Leenjiin Booda**

Leenjicha bu'a qabeessa taasisuuf leenjistootni mata duree leenjii erga xumuranii booda gaheewan itti aanan ni qabaatu.

- Bu'uura madaallii galma leenjichaa milkesuuf ta'een leenjifamtoota madaalanii bu'aa isas inistiitiyuutichaaf ni dhiyeessu: Fkn, qoramaata kaayyoo sirna leenjii fi qabiyyee leenjichaan wal siman fi leenjifamtoonni kaayyoo kaa'ame galmaan gahuu isaanii mirkaneessu qopheessuun kennuu; madaallii naamusaa ulaagaa taa'een gaggeessuu.
- Qindeessitoota dhimma leenjii fi leenjifamtoota irraa duub deebii fudhachuu,
- Adeemmsa leenjii keessatti leenjifamtoota hirmaannaa tasisan adda basuu fi jajjabeessuu,

## **E. Gahee Leenjifamtootaa**

Sirni leenjii kun abbootii seeraa, abbootii alangaa, abukaatoo ittisaa fi ofisara leenjii hojiirra jiranii fi leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hin fudhanne irratti kan xiyyefatuudha. Leenjifamtoonni sirni leenjii kana bu'a qabeessa taasisuu keessatti qaamota gahee qaban keessaa isaan tokkoodha.

Haaluma kanaan, leenjifamtoonni kun gaheewan arman gaditti ibsaman bahachuutu isaan irraa eggama.

- naamusa ogummaa isaanii kabajuun leenjicha hordofuu,
- qajeelfamoota inistiitiytichaa kabajuu fi hojniirra oolchuu,
- leenjii keessatti hirmaanna ho'aa taasisuu,
- marii garee irratti hirmaachuu,
- sa'atii leenjii kabajuu,

#### **F. Gahee Ogeessa Qophii Sirna Leenjii**

Ogeessi qophii sirna leenjii hojiin irraa yeroo dheeraa qopheessu, hojniirra oolchuu, madaaluu fi fooyyessuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Bu'uruma kanaan, bu'a-qabeessummaa surnichaa dhugoomsuudhaaf qophii fi fooyaainsa sirna leenjii ilaalcisee wixinee ykn piroopozaala qorannoo fi qo'annoo qopheessuu, sakatta'iinsa qorannoo taasisuun odeeffannoowwan hojichaaf barbaachisan walitti qabachuu, sirna leenjii qopheessuu, fooyyessuu fi raawwachiisuu, akkasumas qophii karoora leenjii keessatti hirmaachuun dhimmoota qorannoo pirojeekitii leenjitiif barbaachisan adda baasuun piroopozaala dhiyeessee qaama dhimmi ilaallatu eyyamsiisee pirojeekittii leenjii qopheessuun madda maallaqaa maddisiisuun kaayyoo barbaadameef akka oolu gochuun kan irraa eegamu ta'a.

#### **G. Gahee Ogeessa Hordoffii fi To'annoo Leenjifamtootaa**

Gaheen ogeessa hordoffii fi to'annoo leenjifamtootaa naamusa leenjifamtootaa qaruu fi iddo leenjii hawataa gochuudhaaf qorannoowwan dandeessisan gochuudhaan, tarsiimoo adda addaa bocuudhan, maanuwaalii qopheessuudhaan raawwii isaanii hordofuu fi madaaluudhaan kaayyoo leenjichaa milkeessuudha. Bu'uruma kanaan, karoora leenjii fi dhimma leenjii qopheessuu, qajeelchuu fi qindeessuun, maanuwaalii naamusa leenjifamtootaa hordofuudhaaf gargaaran qopheessuudhaan hojniirra oolchuu, haala leenjif barbaachisan mijeessuudhaan galma leenjichaa milkeessuu qaba/qabdi.

#### **H. Gahee Raawwataa Dhimma Leenjifamtootaa fi Tajaajila Ciisichaa**

Gaheen hojii raawwataa dhimma leenjifamtootaa fi tajaajila mana ciisichaa qulqullina mana ciisichaa, mana fincaanii fi kanneen biroo haala gahaa ta'een, qulqullinaan, si'aa'inaan fi itti fufiinsaan akka kennaman taasisuun naannoo jirenya leenjifamtootaaf haala mijaa'aauumuudha. Bu'uruma kanaan, tajaajilli leenjifamtootaaf kennamu akka guutamuuf haal-dureewwan barbaachisoo mijeessuu, tajaajilli kennaman itti fufiinsa akka qabaatan gochuun kan irraa eegamu ta'a.

#### **1.2.4. Moojuulii Leenjii Qopheessuu**

Kaayyoon Moojuulii leenjii leenjifamtoota gargaaruu, fi leenjii kennamu qabatamaa fi bu'a qabeessa taasisuudha. Bu'uruma kanaan, moojuuliin leenjii qophaa'an sirna leenjichaa keessatti qabiyyeewan fi kaayyoolee leenjii adda bahanii hammataman haala hammateen kan qophaa'u yoo ta'u, haalli raawwii isaas bu'uura qajeelfama qophii moojiilii inistiitiyuutichaatiin kan raawwatamu ta'a.

Akka waliigalaatti qabxiileen armaan gadiitti ibsaman moojuulii keessatti hammatamuu qabu: ifaa ta'uu qaba, seer luga afaan oromoo eeguun barreeffamuu qaba, haala leenjigfamtoonni hundi hubachuu danda'aniin qophaa'uu qaba, qabiyyeewan sirna leenjiitiin kaa'amani hammachuu qaba, dhimmoota qabatamoон deeggaramuu fi rakkoo laafa irra jiru haala hiikuu danda'uun qophaa'uu qaba, haala leenjii ga'eessotaatiif mijataa ta'een dhiyaachuu qaba, miirri qopheessitootaa kan keessatti calaqqisu ta'uu hin qabu, akkasumas qabiyee sirna leenjiitiin ala itti dabalamuuus ta'ee irraa hiri'chuu hin qabu.

#### **2. Turtii Yeroo Leenjii**

Bu'uura sirna leenjii kanaatiin leenjifamtoonni sagantaa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa hin fudhatin ji'oota sadii walitti aananiif ni leenjii'u.

#### **3. Sirna Madaallii Leenjii**

Kaayyoon sirna madaallii leenjii leenjifamtootni leenjicha qixa siriin fudhachuu isaanii mirkaneessuudha. Madaalliiin leenjii gaggeefamuus kaayyoo leenjichaa waliin kan wal simmuu fi kaayyicha galmaan kan gahu ta'uu qaba. Bu'uruma kanaan, kaayyoo sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa galmaan gahudhaaf malli madaallii gosotni lamaa hojiirra kan oolu ta'a.

Malli madaalliin inni duraa madaallii adeemsa keessatti (formative evaluation) taasifamuu yoo ta'u, mala kanaan amala mata duree leenjii irratti hundaa'uudhaan adeemsa leenjii keessatti sirna duub deebii, hordoffii fi deeggarsaa, wal leenjisuuun wal madaalaa deemu, moojulii fi barreeffamoota rogummaa qaban dubbisuu, barreeffama gabaabaa mata duree kennname barreessuu, dhimmoota xinxaaluu, gaaffi marii, himannaa, iyyanna, deebii, murtii fi ol'iyyanna barreessuu fi kkf hojniira ni oola.

Malli inni lamataa, madaallii leenjiin boodaa (summative evaluation) taasifamu yoo ta'u, mata dureewwan leenjiin irratti kennamu hunda irratti qormaatni qabiyyeen leenjichaa hubatamuu mirkaneessu hojniira ni oola.

#### **4. Tooftaalee Leenjii**

Tooftaaleen leenjii qabiyee fi kaayyoowwan leenjii bu'uura godhachuun kan ka'amu ta'a. Bu'uuruma kanaan, leenjii hojiirraa yeroo dheeraa keessatti mala leenjii ga'eessotaa keessayyuu mala hirmaachisaa, dhimmoota qabatamaan deeggaramee fi haala salphaa fi hawataa ta'een, yaada barbaaddame dabarsuu danda'uun hojiirra kan oolu ta'a. **Kana malees, haala qabatamaa rakkolee hojii keessatti sababa adda addaatiin uumaman giddu galeessa godhachuudhaan pilaatifoormii miidiyaa hawaasaa kanneen akka google class room, zoom, you tube fi kkf fayyadamuun leenjiin kan kennamu ta'a.**

#### **5. Meeshaalee Leenjii fi Deeggarsaa**

Sirna leenjii hojiirraa yeroo dheeraa qophaa'u keessatti meeshaaleen leenjii fi gargaarsa leenji kenuuf rogummaa qaban kan akka viidiyoo, suuraa fi power point, filippi chaartii, gabaatee gurraacha/adii, maarkarii, kaardii halluu garagaraa, LCD, koomipiyyutara, agarsiistuu, sagalee guddistuu, moojuulii leenjii, seerota, labsiwwan, sanadoota idil addunyaa, Heera , danbii naamusaa, dokimantiwwan imaammatoota fi tarsiimoowwan mootummaa, dhimmoota murtii argatan (cases), laap tooppii, 'over head projector', intarneetii, madda wabii barbaachisaa ta'e fi kkf leenjii keessatti hojiirra ni oolu.

#### **6. Sirna Leenjii Madaaluu fi Fooyyeessuu**

Sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa akka barbaachisummaa isaatti haala qabatamaa jiru irratti hunda'udhaan sakatta'iinsa gaggeessudhaan madaallamee kan fooyya'u ta'a.

#### **7. Mata Dureewwan Leenjii**

Sirni leenjii hojiirraa yeroo dheeraa mata dureewwan: Heera, Naamusa ogummaa, Seera taaksii, Seera Farra malaammaltummaa, Seera deemsa falmii yakkaa, Qajeelfama adabbii murteessuu, Seera lafa baadiyyaa fi seera lafa magaalaa, Seera dhaalaa, Seera maatii, Seera deemsa falmii hariroo hawaasaa, Gaggeessummaa fi Kenniinsa tajaajilaa fi qabiinsa abbaa dhimmaa hammatee jira.

#### **8. Mata Dureewwan Leenjii fi Turmaata Yeroo Kennameef**

T.L	Mata Dureewwan Leenjii	Turtii Yeroo Kennameef
1	Heera fi gahee qaamolee haqaa	Guyyaa 10 (sa'aa 80)
2	Naamusa Ogummaa	Guyyaa 6 (sa'aa 48)
3	Seera Taaksii fi Gumuruukaa	Guyyaa 4 (sa'aa 32)
4	Seera Farra Malaammaltummaa	Guyyaa 4 (sa'aa 32)

5	Seera Deemsa Falmii Yakkaa	Guyyaa 7 (sa'aa 56)
6	Qajeelfama Adabbii Murteessu	Guyyaa 5 (sa'aa 40)
7	Seera Lafa baadiyyaa fi Lafa Magaalaan	Guyyaa 7 (sa'aa 56)
8	Seera Deemsa Falmii Hariroo Hawaasaa	Guyyaa 8 (sa'aa 64)
9	Seera Maatii	Guyyaa 5 (sa'aa 40)
10	Seera Dhaalaa	Guyyaa 4 (sa'aa 32)
11	Gaggeessummaa fi Jijiirama Hoogganuu	Guyyaa 4 (sa'aa 32)
12	Kenniinsa Tajaajilaa fi Qabiinsa Abbaa Dhimmiaa	Guyyaa 4 (sa'aa 32)
13	Qormaata fi Gamaagamaaf	Guyyaa 6 (sa'aa 48)
	Walumatti Qabaan Yeroon leenjichaa	Guyyaa 74 (sa'aa 592)

Turtiin yeroo leenjichaa guyyaa 90 (sa'aa 720) ta'ee, yeroo kennname kana keessatti guyyoonni ayyaanaa fi sanabataa hin hammatamne.

### Mata Duree Leenjii – Tokko

#### Heera RDFI fi Gahee Qaamolee Haqaa

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda;

- Seerota bu'uuraa haala qajeeltowwan, tumaalee fi duudhaalee heera keessatti hammatamaniin wal simuuni fi galmoota bu'uura heerrichaa milkeessuun akka hiikanii fi hojiirra oolchan dandeettii ogummaa fi ilaalchaa akka gabbifatan gochuudha.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI bulchiinsa haqa yakkaa keessatti tumaman adda basanii ni ibsu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa keessatti hammataman ni ibsu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera qabeenyaa keessatti hammataman ni tarreessu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera dhaalaa keessatti tumaman ni ibsu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI seera maatii keessatti tumaman ni addeessu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI seera waliigaltee keessatti hammataman ni tarreessu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa daldalaa fi investimantiitiin tumaman adda baasuun ni tarreessu,

- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin tumaman adda baasuun ni addeessu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera bulchiinsaatiin tumaman adda baasuun ni ibsu,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera taaksiitiin tumaman adda baasuun ni addeessu,

### **Qabiyyeewan**

- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI bulchiinsa haqa yakkaa keessatti tumaman
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaa keessatti hammataman
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera qabeenyaa keessatti hammataman
- Qajeeltowwan bu'uuraa heera RDFI seera dhaalaa keessatti tumaman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI seera maatii keessatti tumaman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI seera waliigaltee keessatti hammataman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa daldala fi investimantiitiin tumaman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin tumaman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera bulchiinsaatiin tumaman,
- Qajeeltowwan bu'uuraa fi kallattiwwan heera RDFI qixa seera taaksiitiin tumaman,

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 10 (sa'attii 80)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• ibsa daree (interactive lecture)</li> <li>• Marii garee,</li> <li>• gaaffii fi deebii,</li> <li>• ogeessota alaa affeeruu,</li> <li>• dhimmoota xinxaaluu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Duub deebii kennuu,</li> <li>• akka dubbisuu taasisuu,</li> <li>• gaaffilee falmisiisoo irratti mar'atanii akka dhiyeessan taasisuu,</li> <li>• hojii manaa (dhuunfaa fi gareedhaan)</li> <li>• Qoramaata barreefamaa,</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Heera RDFI, seera yakkaa, sdfy, shh(seera waliigalteen alaa, seera dhaalaa, seera maatii, seera waliigaltee, seera hojjetaa fi hojjechiisa; daldala fi investimantii), seera bulchiinsaa, seera taaksii</li> <li>• Moojuulii leenjii, dimmoota qabatamoo adda addaa. Fkn, murtiwwan mannen murtii idilee fi bulchiinsaa, koree calaltuu heeraa fi mana mare federeshiini</li> </ul> <p>Lcd, laap- tooppi, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..</p>	Abbaa alangaa fi abbaa seeraa

## Mata Duree Leenjii – Lama

### Naamusa Ogummaa

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Duudhaalee naamusa ogummaa ogeessotni qaamolee haqaa hordofuu qaban irratti hubannoo waliigalaa uumuun jijiiramni ilaalcha, miira tajaajiltummaa uummataa akka qabaatan gochuu, akkasumas qaawwa seeronni naamusaa ogeessota kanaa qaban addaan ni baafatuu.

**Kaayyoolee Gooree: leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;**

- Maalummaa fi barbaachisummaa naamusa ogummaa irratti hubannoo kanaan dura qaban ni gabbifatu;
- Naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa ilaachisee muuxannoo akka addunyaa, biyyaa fi naannootti jiru irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu;
- Duudhaalee fi qajeeltowwan naamusa ogummaa ogeessotni qaamolee haqaa hordofuu fi kabajuu qaban irratti hubannoo isaanii gabbifachuun ni dhraqneeffatu; qajeeltowwan naamusaa kana hojiirra oolchuufis jijiirama ilaalchaa ni horatu,
- Itti gaafatamummaa naamusa ogummaa cabsuun dhufu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu; badii naamusaa raawwachuu irraas of quasatu;
- Adeemsa qorannoo fi falmii himanna naamusaa irratti hubannoo qaban gabbifachuun, bu'uuruma sanaan hojiirra oolmaa isaatiif ni hojjetu;
- Qaawwaa adda addaa seeronni naamusaa qaamolee haqaa naanno keenyaa qaban addaa baafachuu kallattii fuulduraa ni akeeku.

### Qabiyyeewan

- naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa: dhimmoota waliigalaa,
- duudhaalee fi qajeeltowwan naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa oromiyaa ittiin hoogganaman
- adeemsa qorannoo fi falmii himanna naamusaa
- Itti gaafatamummaa naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa cabsuun dhufu.

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qamaa leenji'u
Guyyaa 6 (sa'aa 48)	<ul style="list-style-type: none"><li>• ibsa daree (interactive lecture)</li><li>• gaaffii fi deebii</li><li>• keessumaa affeerruu</li></ul>	<ul style="list-style-type: none"><li>• Duub deebii kennuu,</li><li>• akka dubbisan taasisuu,</li><li>• gaaffilee falmisiisoo dhimmoota naamusaa irratti mar'atanii akka dhiyeessan taasisuu,</li><li>• hojii manaa (dhuunfaa fi gareedhaan)</li><li>• Qoramaata</li></ul>	<ul style="list-style-type: none"><li>• heera RDFI, labsilee manneen murtii fi mana hojii abbaa alangaa hundeessan</li><li>• danbii naamusaa abbaa seeraa fi abbaa alangaa</li><li>• Qajeltowwan naamusa abbaa seeraa fi abbaa alangaa sad.idil addunyatti bahan.</li><li>• murtiwwan balleessa naamusaa irratti kennaman</li></ul>	

		<ul style="list-style-type: none"> <li>barreeffamaa, deeggarsaa fi hordoffii tasisuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• moojuulii leenjii LCD, laap- tooppii, pointara, maayikiraafonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..</li> </ul>	
--	--	---	--	--

### Mata Duree Leenjii – Sadii

#### Seeraa Taaksii fi Gumuruukaa

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Rakkolee hiikoo fi raawwii seera taaksii fi gumuruukaan wal qabatan furuudhaan dandeettii hiikoo wal faakaataa, tilmaammaamaa fi filatamaa hojiirra oolchuu ni horatu.

Kaayyoolee Gooree: leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Qajeeltowwan bu'uuraa seera taaksii fi gumuruukaa ni ibsu,
- seera taaksii fi gumuruukaa qixa heera RDFItiin ni xinxalu,
- Dhimmootaa Yakka taaksii fi gumuruukaa ni ibsu,
- Waa'ee sirnaa fi dhiyeessa ol'iyyannoo taaksii ni xiinxalu,
- Dhimmaa taaksii fi gumuruukaa ilaachisee aangoo manneen murtii qaban adda ni baasu.

#### Qabiyyeewwan

- Qajeeltowwan bu'uuraa seera taaksii fi gumuruukaa ,
- seera taaksii fi gumuruukaa fi heera RDFI,
- Dhimmootaa Yakka taaksii fi gumuruukaa,
- Sirnaa fi dhiyeessa ol'iyyannoo taaksii,
- Dhimmaa taaksii fi gumuruukaa ilaachisee aangoo manneen murtii qaban.

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 4 (sa'aa 32)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrractive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota falmsiisoo irratti mar'atannii dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmsiisoo ta'an mar'atani akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreeffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreeffamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Heera RDFI</li> <li>• seerotaa fi labsiilee taaksii fi gumuruukaa</li> <li>• labsiilee fi danbiiewwwan adda addaa</li> <li>• murtiwwan manneen murtii fi dhaddacha ijibaataa , murtiwwan boordii ol'iyyaannoo taaksii,</li> <li>• qajeelfamoota abbaa tayitaa galiiwwanii fi gumuruukaa</li> <li>• moojuulii leenjii</li> </ul> <p>LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafonii, gabatee adii,</p>	Abbaa seeraa fi abbaa alangaa

**Mata Duree Leenjii\_ Afur**  
**Seera Farra Malaammaltummaa**

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Maalummaa fi amaloota yakkoota malaammaltummaa fi sirna adeemsa falmii yakkoota malaammaltummaa hubachudhaan malaammaltummaa fi hojumaata badaa ittisuu, qoraachuu, himachuu fi qabeenya deebsisuu keessatti qooda isaanii ni bahatu.

Kaayyoolee Gooree: leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Hiika Malaammaltummaa ni hubatu,
- Amaloota yakka malaammaltummaa yakkoota idilee irraa addaa taasiisan addaan ni baafatu,
- Qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa labsii yakka malaammaltummaa keessatti tumame ni hubatu,
- Maalummaa fi qabiyyeee tumaalee gooree yakkoota malaammaltummaa ni hubatu,
- Maalummaa aangoo Abbaa Alangummaa, Poolisummaa, Aangoo Mana Murtii ni hubatu,
- Rakkowwan dhimmoota qoranna wal-qabatan yeroo beellama, mirga wabii, ajaja sakata'iinsaa fi qabiinsaa irratti mul'atu addaan baasanii ni hubatu,
- Qophii himata duraa ilaachisee adeemsa seeraan ka'amee fi hojimaata jiru ni hubatu.
- Himanna hundeessuu fi murtii kennuu wal-qabatan addaan ni baafatu;
- Adeemsa qabeenya uguruu fi dhaalchisuu fi deebsiisuu ilaachisee adeemsa seeraan ka'amee fi hojimaata jiru ni hubatu.

#### **Qabiyyeewan**

- Hiika Malaammaltummaa,
- Amaloota yakka malaammaltummaa
- Qajeeltoo waliigalaa yakka malaammaltummaa
- Maalummaa fi qabiyyeee tumaalee gooree yakkoota malaammaltummaa ,
- Maalummaa aangoo Abbaa Alangummaa, Poolisummaa, Aangoo Mana Murtii,
- Rakkowwan dhimmoota qoranna wal-qabatan: yeroo beellama, mirga wabii, ajaja sakata'iinsaa fi qabiinsaa irratti mul'atu,
- Qophii himata duraa,
- Himanna hundeessuu fi murtii kennuu
- Adeemsa qabeenya uguruu fi dhaalchisuu fi deebsiisuu,

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
-------	--------------	----------------	--	-------------------

Guyyaa 4 (sa'aa 32)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrraactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota falmsiisoo irratti mar'atannii dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreffamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• labsii farra malaammaltummaa 881/2007, 882/2007, 883/2007, 434/1997,</li> <li>• murtiwwan manneen murtii fi dhaddacha ijibaataa</li> <li>• moojulii leenjii</li> </ul>	<p>Abbaa seeraa fi abbaa alangaa</p> <p>LCd, laap~ tooppii, pointara, maayikirafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..</p>
------------------------	--	--	---	--

### Mata Duree Leenjii \_ Shan

#### Seera Deemsa Falmii Yakkaa fi Falmii Qajeelchuu

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Haala falmiin dhaddacha irratti gaggeeffamuu, maalummaa keessa deebii murtii fi adeemsa akkasumas qabiyee ol'iyyannoo irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- aangoo abbaa seerummaa manneen murtii adda ni baasu,
- namoota seera yakkaa Itoophiyaatiin gaafatamuu danda'an adda ni baafatu,
- daangaa aangoo abbaa seerummaa mummee (principal jurisdiction seera yakkaa kwt.11- 16) fi aangoo bakka bu'iinsaa (subsidiary jurisdiction seera yakkaa kwt 17- 22) addaan ni baafatu,
- aangoo manneen murtii federaalaa fi naannolee dhimma yakkaa irratti qaban adda ni baafatu,
- qorannaak yakkaa hoogganuu fi gaggeessuudhaan wal qabatee hubannoo isaanii ni gabbifatu,
- waa'ee yeroo beellamaa fi haala qabiinsa mirga namoomaa shakkamaa ni tarreessu
- sababoota mirgi wabii dhoorkisiisan fi kennisiisan addaan ni baafatu
- murteewwanii fi ajajoota abbaan alangaa kennu ni hubatu,
- haala himannaan yakkaa ittii dhiyaatuu fi fooyya'uun wal qabatee rakkowwan jiran adda ni baasu,

- gahee abbaan seeraa hooggansa dhaddacha yakkaa keessatti qabu ni hubatu,
- dhagaha himannaak yakkaa keessatti hojiilee hujjetaman adda ni baafatu,
- Akkaataa jechi amantaa itti fuudhamu ni hubatu,
- dhiyeessaa fi dirqama ragaalee adda ni baafatu,
- dhimmoota mormii sadarkaa duraa irratti ka'an adda ni baafatu,
- dhimmoota ol'iyyaannoon irratti gafatamuu danda'uu fi hin dandeenye adda baafachuun ni tarreessu,
- ijoowwan dubbii ol'iyyaannoon tokko qabachu qabu adda ni baafatu,
- adeemsaa dhagaha ol'iyyannoo irratti hubannoo qaban ni dabalatu,

### **Qabiyyeewan**

- Aangoo abbaa seerummaa manneen murtii,
- Namoota seera yakkaa Itoophiyaatiin gaafatamuu danda'an,
- Daangaa aangoo abbaa seerummaa mummee (principal jurisdiction seera yakkaa kwt.11- 16) fi aangoo bakka bu'iinsaa (subsidiary jurisdiction seera yakkaa kwt 17- 22),
- Aangoo manneen murtii federaala fi naannolee dhimma yakkaa irratti qaban,
- Qorannaak yakka hoogganuu fi gaggeessuu,
- waa'ee yeroo beellamaa fi haala qabiinsa mirga namoomaa shakkamaa
- sababoota mirgi wabii dhoorkisiisan fi kennisiisan
- murteewwanii fi ajajoota abbaan alangaa kenuu,
- haala himannaan yakkaa ittii dhiyaatuu fi fooyya'uun wal qabatee rakkooowan jiran,
- gahee abbaan seeraa hooggansa dhaddacha yakkaa keessatti qabu,
- dhagaha himannaak yakkaa keessatti hojiilee hujjetaman ,
- Akkaataa jechi amantaa itti fuudhamu ,
- dhiyeessaa fi dirqama ragaalee,
- dhimmoota mormii sadarkaa duraa irratti ka'an,
- dhimmoota ol'iyyaannoon irratti gafatamuu danda'uu fi hin dandeenye,
- ijoowwan dubbii ol'iyyaannoon tokko qabachu qabu,
- adeemsaa dhagaha ol'iyyannoo irratti hubannoo qaban,

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshaaale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenjii'u
Guyyaa 6 (sa'aa 48)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (interactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmiisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• seera demsa falmii yakkaa,</li> <li>• murtiwwan manneen murtii fi dhaddacha ijibaataa</li> </ul>	Abbaa seeraa fi Abbaa Alangaa

	<ul style="list-style-type: none"> <li>mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>gabaasa barreeffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>qotrmaata barreeffamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>moojulii leenjii, LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkari..</li> </ul>	
--	---	--	--	--

### Mata Duree Leenjii\_ Jaha

#### Qajeelfama Adabbii Murteessuu

**Kaayyoolee Waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Adabbii murteessuu ilaalcissee tumaaleen seera yakkaa, qajeeltowwan bu'uuraa adaabbi murteessuun ittiin hoogganamu, akkataa addabbiin yakkaa ittiin shallagamu fi murtaa'u adda baasanii hubachuun bulchinsi sirna haqaa yakkaa wal fakkaataa fi tilmaamamaa ta'e akka mirkanaa'uuf gahee isaanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Kaayyoo, galma fi maalummaa adabbii murteessuu, qajeltoowwwan waliigalaa qajeelfamin adabbii ittiin hoogganamu fi tumaalee waliigalaa ni adeessu,
- Haala adabbiin yakkootaa daddabalamaa fi dachaa ittiin murtaa'u adda ni baafatu
- Hariiroo adabbii yakkaa murteessuu fi Heera jidduu jiru ni ibsu,
- Tumaalee Seera Yakkaa adabbii ilaallatan adda baasudhaan murtee rogummaa qabu kennuuf ni qophaa'u,
- Gabateewwan gulantalee adabbii bilisummaa nama dangeessan fi adabbii maallaqaa ilaallatan adda ni baafatu,
- Sadarkaa yakkaa akka ciminna yakkichaatti addaan baasuun murtii keennuuf hubannoo isaanii ni gabbifatu,
- Sababoota adabbiin ka'uumsaa ittiin murtaa'u adda ni bafatu,
- Tooftaalee adabbiin yakkootaa sadarkaan adabbii bahee fi hin baaneef ittiin murtaa'u adda ni baafatu,
- Sababootni adabbii yakka cimsanii fi salphisan adda baafachuun toftaalee adabbiin ittiin shallaggamu hojiirra ni oolchu,

#### Qabiyyeewan

- Kaayyoo, galma fi maalummaa adabbii murteessuu,
- Haala adaabbiin yakkootaa daddabalamaa fi dachaa ittiin murtaa'u
- Qajeltoowwwan waliigalaa qajeelfamin adabbii ittiin hoogganamu,
- Adabbii murteessuu fi Heera
- Tumaalee Seera Yakkaa adabbii ilaallatan,

- Gabatee gulantalee adabbii bilisummaa nama dangeessan ilaallatu,
- Gabatee adabbii maallaqaa ilaallatan,
- Sadarkaa yakkaa akka ciminna yakkichaatti addaan baasuu,
- Haala adabbiin ka'uumsaa ittiin murtaa'u,
- Tooftaalee adabbiin yakkootaa sadarkaan adabbii bahee fi hin baaneef ittiin murtaa'u
- Yeroo sababootni yakka cimsanii fi salphisan jiranitti tooftaa shallaggiin adabbii ittiin murtaa'u
- Qajeelfama Adabbii fi adabbii daangessuu

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 5 (sa'aa 40)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrraactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreffamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Heera</li> <li>• qajeelfama adabbii lakk.2/2006</li> <li>• Seera Yakkaa</li> <li>• Seera Deemsa falmii yakkaa</li> <li>• murtilee barsiisoo ta'an</li> <li>• moojuulii leenjii</li> </ul> <p>LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkari..</p>	Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa

### Mata Duree Leenjii\_ Torba

#### Seeara Lafa Baadiyyaa fi Seera Lafa Magaalaat

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Bulchiinsa lafa baadiyyaa fi magaalaa wajjiin wal qabatee haala itti fayyadama isaa, falmiwwan lafaan wal qabatee ka'an, akkaataa ragaalen ittiin dhagahamanii fi qulqulleffaman ilaalchiusee hubannoo isaanii gabbifachuudhan seericha hojjiirra oolchuu keessatti gahee isaanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Imaammata Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa irratti hubannoo ni argatu,
- Gosoota, Arganna fi Mirga Itti Fayyadamaa Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa fi magaalaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Daangeffamaa fi Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa fi magaalaa adda baasuun ni ibsu,
- Akkaataa Waldiddaan Qabiyyee Lafaa Baadiyyaa fi magaalaan wal qabatee ka'u Itti Hiikamaan ilaalchisee Rakkoolee jiran ni tarreessu,
- Darbiinsa Yeroo Dhimmoota Qabiyyee Lafa Baadiyyaan Walqabatanii fi Seerota Raawwatiinsa Qaban adda ni baafatu,

- Itti Gaafatamummaa Yakkaa seera lafa badiyyaa fi magaalaa Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee dhufu adda ni baafatu.

### **Qabiyyeewan**

- Imaammata Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa
- Gosoota, Haallan Arganna fi Mirga Itti Fayyadamaa Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa
- Daangeffamaa fi Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa
- Akkaataa Waldiddaan Qabiyyee Lafaa Baadiyyaa Itti Hiikamu: Rakkoo Hiikoo fi Raawwii
- Darbiinsa Yeroo Dhimmoota Qabiyyee Lafa Baadiyyaan Walqabatanii fi Seerota Raawwatiinsa Qaban
- Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u
- Imammata Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa
- Akkaataa Arganna, Mirga Dabarsuu fi Adda Citiinsa Mirga Abbaa Qabiyyummaa Itti Fayyadama Lafa Magaalaa
- Sirna Waldiddaan Adeemsa Hojii Labsii Liizii Hojiirraa Oolchuu Keessatti Ka'u Itti Hiikkamu
- Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshaaileenjii fi gargaarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 7 (sa'aa 56)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrractive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmiisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreefamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreefamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Heera</li> <li>• labsii federaalaa lakk.456/97, 721/2004, 455/97,</li> <li>• labsii MNO. lakk. 130/99, danbii , 155/2002, 151/2005, qaje. 135/2007, 9/2005,</li> <li>• moojuulii leenjii</li> </ul>	Abbaa Seeraa fi abbaa alangaa
			LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..	

### **Mata Duree Leenjii\_Saddeeti**

### **Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa**

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Tumaalee seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa hubachuun dandeettii isanii gabbifatanii tajaajila haqaa haqa qabeessa, si'aawaa fi bu'a qabeessa ta'e kennuu keessatti gahee isaanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Aangoo abbaa seerummaa manneen murtii adda baasuun ni ibsu,
- Himannaa hundeessuu, iyyaanna barreessuu, fooyyessuu, makamiinsa abbootii dhimmaa, akkaataa yaamicha itti ndhaqabuu fi gareen wal falmitootaa itti dhiyaatan ilaachisee hubannoo dura qaban ni gabbifatu,
- qajeeltowwan bu'uraa sirni deemsaa falmii hariroon hawaasaa ittiin hoogganamu ni xiinxalu,
- adeemsa dhagaha dhimmaa, gahee abbaa seeraa fi gareewwan falmitootaa Adeemsicha keessatti qaban adda ni baafatu,
- Tooftaa haala bu'a qabeessa ta'een ijoo falmii qabachuu ittiin danda'an ni gabbifatu,
- sababa bellamni itti kennamu adda ni baafatu,
- qophii ol'iyyaanno dhagahuuf tasifamuu qabanii fi adeemsa ol'iyyanno ittiin dhagahamu ni xiinxalu,
- Adeemsa raawwiin murtii ittiin gaggeeffamu hubachuun hojiirra oolchuuf ni qophaa'u,
- Qabeenya raawwiin abbaa idaa dhoorkuu, gurguruu fi mirga garee sadaffaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.

### **Qabiyyeewwan**

- Aangoo abbaa seerummaa manneen murtii ,
- Himannaa hundeessuu, iyyaanna barreessuu, fooyyessuu, makamiinsa abbootii dhimmaa, akkaataa yaamicha itti dhaqabuu fi gareen wal falmitootaa itti dhiyaatan
- qajeeltowwan bu'uraa sirni deemsaa falmii hariroon hawaasaa ittiin hoogganamu,
- adeemsa dhagaha dhimmaa, gahee abbaa seeraa fi gareewwan falmitootaa Adeemsicha keessatti qaban,
- Tooftaa haala bu'a qabeessa ta'een ijoo falmii qabachuu,
- sababa bellamni itti kennamu,
- qophii ol'iyyaanno dhagahuuf tasifamuu qabanii fi adeemsa ol'iyyanno ittiin dhagahamu,
- Adeemsa raawwiin murtii ittiin gaggeeffamu,
- Qabeenya raawwiin abbaa idaa dhoorkuu, gurguruu fi mirga garee sadaffaa.

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi targarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 8 (sa'aa 64)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrractive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaluu fi</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmiisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• seera deemsaa falmii hariroo hawaasaa</li> <li>• Labsii federaala 25/88, labsii</li> </ul>	Abbaa seeraa fi abbaa alangaa

	<p>dhiyeessuu</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• gabaasa barreffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreffamaa</li> </ul>	<p>naannoo lakk. 216/2011,</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• moojuulii leenjii</li> <li>• murtilee manneen murtii barsiisoo ta'an</li> </ul> <p>LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..</p>	
--	---	--	--	--

### Mata Duree Leenjii \_ Sagal

#### Seera Maatii

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Gaa'elaa fi hiikkaa gaa'elaa, sirna qoodiinsa qabeenya fi abummaa mirkaneessuun wal qabatee seeraa fi qabatama jiru hubachuudhaan seera maatii sirnaan hiikuu keessatti gahee isaanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Eegumsa heerri gaa'elaaf taasisee fi raawwii gaa'elaa ilaachisee tumaalee heeraa fi seera maatii haal wal simaanii hojiirra ittiin oolan irratti hubanoo isaanii ni gabbifatu,
- Waliitti dhufeenya gaa'elli hariiroo biroo waliin qabu adda baasanii beekudhaan rakkolee qabatamaan mul'atan furuudhaaf hubannoo isaanii ni cimsatu,
- Hiikkaa gaa'elaa fi bu'aawwan hordofsiisu adda baasuun hubannoo ni dabalatu,
- Sirna qoodiinsa qabeenya irratti beekumsa qaban ni gabbifatu,
- Adeemsa raawwii sirna qoodiinsa qabeenya dhirsaa fi niitii ilaachisee rakkolee qabatamaan jiran sirriitti beekudhaan furmaata bu'uura seeraa qabu ni kennu,
- Sirna abbummaa mirkaneessuu; seeraa fi qabatama jiru ilaachisee beekumsa isaanii ni haaromfatu.

#### Qabiyyeewwan

- Eegumsa heerri gaa'elaaf taasisee fi raawwii gaa'elaa,
- Waliitti dhufeenya gaa'elli hariiroo biroo waliin qabu,
- Hikkaa gaa'elaa fi bu'aawwan hordofsiisu,
- Sirna qoodiinsa qabeenya akka waliigalaatti,
- Adeemsa raawwii sirna qoodiinsa qabeenya dhirsaa fi niitii,
- Sirna abbummaa mirkaneessuu; seeraa fi qabatama.

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshaaile leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
-------	--------------	----------------	---------------------------------------	----------------

Guyyaa 5 (sa'aa 40)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrraactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreefamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qotrmaata barreeffamaa</li> </ul>	<p>Heera, Seera maatii oromiyaa Moojuulii leenjii Manuwaalii qallabin ittiin murtaa'u</p> <p>LCd, laap~ tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii..</p>	
------------------------	---	---	--	--

### Mata Duree Leenjii \_ Kudhan

#### Seera Dhaalaa

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Falmiwwanii fi rakkowwan dhaala bu'uura dhaamootiin raawwatamu, waraqaa ragaa dhaaltummaa, dhaaltummaa qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo wal qabatee jiran xiinxaaluun furmaata kaa'uu keessatti gahee isaanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- waa'ee dhaala bu'uura dhaamodhaan raawwatamuu sirriitti ni dhaqineefatu,
- qabiyyee fi raawwanna seera dhaalaa dhaamoo ilaallatan ni sakatta'u,
- maalummaa, haala iyyannaan itti dhiyaatuu fi waraqaa ragaa dhaltummaa itti kennamu ni hubatu,
- jiraachuu dhaamoo fi qabiyyee isaa ni hubatu, akkasumas rakkowwan qixa kanaan jiran addaan ni baafatu,
- sirni dhaltummaa qulqulleessuu hamammi hojirra oolaa akka jiru ni xiinxaalu,
- darbiinsa yeroo seera dhaalaa tiin wal qabatee rakkowwan qabatamaatti mul'atan sirriitti ni xiinxaalu,

#### Qabiyyeewan

- Dhaala bu'uura dhaamodhaan raawwatamu,
- haalawan dhaamoon guutuu qabu,
- qabiyyee dhaamoo,
- waraqaa ragaa dhaaltummaa,
- jiraachuu dhaamoo fi qabiyyee isaa hubachiisuu,
- Dhaaltummaa qulqulleessuu,
- Darbiinsa yeroo dhaaltummaan wal qabatan,

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
-------	--------------	----------------	-------------------------------------	----------------

Guyyaa 4 (sa'aa 32)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrraactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qormaata barreffamaa</li> </ul>	<p>Heera, Seera hariiroo hawaasaa kutaa seera dhaalaa, Moojuulii leenjii</p> <p>LCd, laap~ tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii.</p>	Abbaa seera fi Abbaa alangaa
------------------------	---	---	--	---------------------------------

### Mata Duree Leenjii \_ Kudha Tokko

#### Gaggeessummaa fi Jijiirama Hoogganuu

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

Gaggeessuummaa fi jijiirama hogganuu irratti hubannoo isaanii cimsachuun jijiirama bulchiinsa sirna haqaa fi seeraa akka biyyaa fi naannoo Oromiyaa keessatti mul'achaa jiru hoogganuu keessatti gahee isaanii ni gumaachu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Yaad-rimee fi falaasamoota gaggeessuummaa irratti hubannoo ni argatu
- Garaagarummaa fi tokkummaa gaggeessuummaa fi hoggansaa addaan ni baasu
- Yaadaddama gaggeessuummaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu
- Gaggeessuummaa fi kominiokeshii irratti dandeettii isaanii ni gabbifatu
- Waa'ee Gaggeessuummaa Manneen Hojii Mootummaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu
- Akaakuu gaggeessuummaa Abbaa Seerummaa fi Abbaa Alangummaaf rogummaa qabu filatanii hojiirra ni oolchu
- Yaad-rimee jijiirmaa irratti hubannoo isaanii cimsachuun jijiirama ni hoogganu

#### Qabiyyeewan

- Maalummaa gaggeessummaa
- Gaggeesummaa fi hooggansa
- Yaadaddama gaggeessummaa
- Gaggeessummaa fi kominiokeshii
- Gaggeessummaa Manneen hojii mootummaa
- Gaggeessummaa Abbaa Seerummaa fi Abbaa Alangummaa

- Yaad-rimee Jijiiramaa
- Akaakuu jijiiramaa
- Humnoota jijiiramaa
- Uuwvisa Jijiiramaa
- Hoggansa Jijiiramaa
- Rinciica jijiiramaa Hogganuu

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshaaile leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 4 (sa'aa 32)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrraactive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakko hikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreffamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qormaata barreffamaa</li> </ul>	Moojuulii leenjii  LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii.	

#### Mata Duree Leenjii\_ Kudha Lama

#### Kenna Tajaajilaa fi Qabiinsa Abbaa Dhimmaa

**Kaayyoolee waliigalaa :** leenjifamtoonni leenjii kana erga xumuranii booda:

- Keenninsa tajaajilaa, toofta qabiinsa tajaajilamtootaa amayyaawaa ta'e, tooftaalee dhagaha fi futrmaataa komii tajaajilamtootaa irratti hubannoo isaanii gabbifachuun tajaajilli haqaa manneen murtii fi mana hojii abbaa alangaa waliigalaa keessatti kennamau haqa qabeessa, si'awaa fi bu'a qabeessa akka ta'u gochuu keessatti gahee isanii ni bahatu.

**Kaayyoolee Gooree:** leenjifamtoonni mata dureewwan kana jalatti leenjii erga fudhatanii booda;

- Maalummaa fi hooggansa kenniinsa tajaajilaa ni ibsu,
- Qajeeltoowwan, ogummaa fi tooftaalee bu'uuraa keenna tajaajila ni gabbifachuun hojiirra oolchuuf ni qophaa'u,
- Tooftaalee komiin itti qabamuu fi dhagahamu ni tarreessu,
- Dandeettii namoota qaaman miidhaman, daa'imman, manguddoota, haadholii fi namoota biroo tajaajila addaa barbaadan keesumeessuuf gargaaru ni gabbifatu,
- Raga baatota fi namoota yakkaan miidhaman sirnaan tajajiluuf ni qophaa'u.

#### **Qabiyyeewwan**

- maalummaa kenniinsaa tajaajilaa,
- Qajeeltoowwan, ogummaa fi tooftaalee bu'uraa kenna tajaajila
- komii fi qabannoo komii
- Namoota qaaman miidhaman, daa'imman, manguddoota, haadholii fi namoota biroo tajaajila addaa barbaadan keesumeessuu,
- Raga baatota fi namoota yakkaan miidhaman sirnaan tajaajiluu,

Yeroo	Mala leenjii	Mala madaallii	Meshaaale leenjii fi gargarsa leenjii	Qaama leenji'u
Guyyaa 4 (sa'aa 32)	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ibsa daree (intrractive lecture)</li> <li>• marii garee</li> <li>• dhimmoota xiinxaaluu fi dhiyeessuu</li> <li>• mala rakkoo hiikluuf dandeessisu</li> <li>• keessummaa affeeruu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• hojii dhuunfaa fi garee</li> <li>• dhimmoota falmiisiisoo ta'an mar'atanii akka dhiyeessan tasisuu,</li> <li>• gabaasa barreefamaan qophessanii akka dhiyeessan gochuu</li> <li>• qormaata barreeffamaa</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• heera</li> <li>• meeshaalee rifoormii adda addaa</li> <li>• danbiwwan dhimma kanaan wal qabatan adda addaa</li> <li>• sakatta'iinsa kenninsa tajaajila qaamolee haqaa</li> <li>• Moojuulii leenjii</li> <li>• Barreeffamoota adda addaa</li> </ul> <p>LCd, laap- tooppii, pointara, maayikiraafoonii, gabatee adii, filppi chartii, maarkarii.</p>	Abbaa Seeraa fi Abbaa Alangaa